



**Fayyisuu
Waaqayyoo Isa
Ajaa'ibsiisaa**

Qabiyyee

1. Seensa.....	3
2. Dubpii Waaqayyoo fi Karaa Waaqayyoo	4
3. Uumama Waaqayyoo	10
4. Gaarummaa Waaqayyoo isa Guutuu	12
5. Haqa Waaqayyoo isa guutuu	20
6. Jaalala Waaqayyoo isa ajaa'ibsiisaa	24
7. Yesuus Waaqayyo Fayyisaa keenya.....	27
8. Yesuus Waan Hundumaa Nuuf Hojjeteera.....	31
9. Yesusittti amanuun salphaa ta'uun isaa.....	38
10. Jannataa fi Si'ool.....	45
11. Aarsaa fi Seera.....	47
12. Raajii fi Gaaddidduu.....	53
13. Addaamii fi Hewaan.....	56
14. Qaayinii fi Abeel	58
15. Dhukkuba nadaayii irraa barachuu	59
16. Ija Waaqayyoo duratti namoota gosa lama.....	66
17. Barbaachisummaa keenya hubachuu.....	70
18. Fayyisuun Waaqayyoo Nama Hundaaf argama.	75

1. Seensa

Ergaan fayyisuu Waaqayyoo, wangeela (hiikni isaas oduu gammachiisaa) jedhamees waamamu, baay'ee salphaa ta'e cuunfaan isaa kunooti:

Waaqayyo waan hundumaa baay'ee gaarii uume, garuu duuti, dhukkubni, gidiraan bu'aa cubbuu keenyaan dhufe. Cubbuun (ykn irra daddarbaan, yookaan jal'inni) ulaagaa Waaqayyoo isa qajeelummaa, isa karaa hundumaa fi yeroo hundumaa gaarii fi sirrii ta'e madaaluu fi guutuu dadhabuu dha. Hundi keenya cubbuu hojjenne uumama keenyaanis cubbamoota, hojiin keenya (waan hojjennu) karaa kamiinuu fayyina argamsiisuu hin danda'u. Waaqayyo qulqulluudha, kana jechuun uumama, amala, gochaa fi dubbii isaa hundumaan adda, guutuu fi caalmaa dha. Amalli Waaqayyoo jaalala guutuudha, garuu inni guutummaatti qajeelaa waan ta'eef haqni isaa inni guutuu ta'e sababa cubbuu keenyaan firdii nu irratti waan barbaaduuf cubbuu keenya salphaatti bira darbuu hin danda'u.

Jaalallii fi araarri Waaqayyo nuuf qabu baay'ee guddaa waan ta'eef, Waaqayyo Ilmi, Iyyasuus Kiristoos, Nama ta'ee, karaa durbaatiin dhalatee, akka inni bakka keenyatti firdii qajeelaa baachuu danda'uuf jirenya cubbuu hin qabne jiraate. Inni qaamaan qofa osoo hin taane ulfina abbaa biraq qabu dhiisee hamma gad of deebisutti, cubbuu keenya ofitti fudhatee, bakka keenya bu'ee aarsaa akka ta'uuf of kennuuf baay'ee dhiphate. Yesuus cubbuu keenyaaf du'e, awwaalame, guyyaa sadii booda du'aa ka'e. Inni kana waan nuuf godheef, cubbuu keenya beeknee gara isaa yoo dhufne, salphaatti cubbuu keenyaaf akka du'ee fi deebi'ee akka ka'e amannee, fayyina jaalalaa isaa irratti amanannaa keenya kaa'uudhaan (barbaachisummaa biraatokko malee), sana booda dhiifama cubbuu keenyaa ni arganna. Si'ooliin moonee, jirenya bara baraa nagaa fi gammachuu

guutuu ta'e samii irratti, du'a, dhukkuba, gidiraa, gadda, dhiphina fi cubbuu irraa bilisa ta'e jiraanna.

Kitaabni xiqqaan kun Waaqayyo ergaa fayyisuu isaa guutummaa dubbii isaa (Macaafa Qulqulluu, yookaan Caaffata Qulqulla'oo) keessatti hammam bal'inaa fi haala walitti fufaa ta'een akka dubbate agarsiisa. Qabxii kana ibsuuf gargaaruuf, kitaabni xiqqaan kun gara %80 Caaffata Qulqulla'oo dha. Kitaabota Kakuu Moofaa 39 keessaa 32, akkasumas kitaabota Kakuu Haaraa 27 keessaa 23 irraa kan of keessaa qabu yoo ta'u, isaanis kutaalee lamaan Macaafa Qulqulluu Kiristaanummaati. Akkasumas, kutaan Macaafa Qulqulluu kamuu al tokkoo ol hin dabalamne.

Kakuu Moofaa Macaafa Qulqulluu Yihudootaa/Ibirootaa (Tanakh jedhama) wajjin tokko. Ergaan fayyisuu Waaqayyoo yeroo hundumaa tokkuma ture, kakuu haaraanis kakuu moofaa irraa jijiirama osoo hin taane, Waaqayyo fayyisuu kakuu moofaa keessatti abdachiise raawwachuu isaa agarsiisa.

2. Dubbii Waaqayyoo fi Karaa Waaqayyoo

Macaafni Qulqulluun harka namoota hedduutiin kan barreeffame yoo ta'u maddi isaa garuu Waaqayyo mataa isaa irraa kan argamedha.

- Caaffanni qulqulla'aan hundinuu geggeessaa hafuura Waaqayyootiin caafame; barsiisuuf, balleessaa hubachiisuuf, qajeelchuuf, qajeelummaattis leejjiisuudhaaf dhimma in baasa. (2Xim. 3:16)
- Yommus namni dubbii afaan **Waaqayyoo** keessaa ba'uun malee, buddeena duwwaadhaan akka hin jiraanne isin barsiisuudhaaf, inni isin beelessee gad isin deebise; kana booddee immoo maannaa, isa isin abboonni keessanis hin beekin isin soore. (Kees. 8:3)

- Raajii dubbachuun takkaa jaalala namaatiin hin taane; garuu namoonni hafuura qulqulluudhaan geggeeffamanii, wanta Waaqayyo biraa fudhatan dubbataniiru. (2Phe. 1:21)

Humnaa fi hubannoон Waaqayyoo hubannoo keenyaa olidha.

- Yaa Waaqayyo gooftaa! Ati humna kee isa guddaadhaa fi irree keetiin waaqaa fi lafa uumteetta; wanti siif hin danda'amnes tokko illee hin jiru.(Er. 32:17)
- Ati waan hundumaa gochuu akka dandeessu nan beeka, akeeka kees karaatti kan hambisu hin jiru.(Iyo. 42:2)
- Urjoota isatu lakkaa'ee kaa'e, hunduma isaaniis maqaa maqaadhaan in waama.Gooftaan keenya guddaa dha, aangoo guddas qaba; hubannaan isaa hammana hin jedhamu.(Faar. 147:4-5)

Waaqayyo jaarraawwan darban keessatti dubbii isaa eeguuf humna guddaa qaba. Dhugaadha, yoomiyuu sirreffama isa hin barbaachisu.

- Dubbiin Waaqayyoo dubbii qullaa'aa dha, inni akka meetii iddo ibiddaatti si'a torba baqfamee qullaa'ee ti; yaa Waaqayyo, ati nu irra in golgita, dhaloota kanattiis yeroo hundumaa nu eegda. (Faar. 12:6-7)
- Margichi in coollaga, daraarichis in harca'a, dubbiin Waaqayyo keenyaa garuu bara baraan dhaabatee in hafa' jedhi! jedhe. (Isa. 40:8)
- Dubbiin kee yaa Waaqayyo bara baraan bantiiwwan waaqaa keessatti jabaatee dhaabateera. (Faar. 119:89)
- Isaan bara baraan akka jiraataniif dhaabuu kee, ani duraan dursee seera siif dhugaa ba'u sanaan beekeera.(Faar. 119:152)
- Waaqnii fi lafti darbuuf jiru; dubbiin koo garuu gonkumaa hin darbu jedhe.(Mat. 24:35)

- Isin sanyii baduttii utuu hin ta'in, sanyii hin badnettii sagalee Waaqayyoo isa jiraataa fi isa akka jirutti hafuun, haaraa taatanii dhalattaniittu.(1Phe. 1:23)
- Yaa Waaqayyo gooftaa! Ati Waaqayyoo dha, dubbiin kee amanamaa dha, ati waan gaarii kanas ana garbicha kee abdachiiifteetta.(2Saam. 7:28)
- Dubbiin kee walumattiin isaa dhugaa dha, firdiin kee inni qajeelaan hundinuu, bara baraan in jiraata.(Faar. 119:160)

**Murtiin Waaqayyo egeree keenya ilaalchisee kennu bara
baraan kan turu yoo ta'u, karaa sirrii akka filannuu fi isa
wajjin akka taanu barbaada.**

- Namoonni al tokko du'uuf kaa'amaniiru; isa booddee immoo firdiitti in dhi'aatu.(Ibr. 9:27)
- Dubbiin kee walumattiin isaa dhugaa dha, firdiin kee inni qajeelaan hundinuu, bara baraan in jiraata.(Faar. 119:160)
- Barsiisa waa'ee cuuphaa, waa'ee harka mataa namaa irra kaa'uu, waa'ee ka'uu warra du'anii, waa'ee firdii bara baraa keessa hin deebinu.(Ibr. 6:2)
- Namni yaada oofii isaa amanatu gowwaa dha, ogummaadhaan kan deddeebi'u garuu in oola.
(Fak. 28:26)
- Namni ogeessi wanta hamaa in sodaata, irraas in deebi'a; namni gowwaan garuu ija in jabaata, ofis in amanata.(Fak. 14:16)
- Namni hubataan wanta hamaa in arga, jalaas in dhokata, namni wallaalaan garuu itti in adeema, in adabamas.(Fak. 22:3)
- Namni abboommii eegu jirenya isaa in eeggata, namni karaa Waaqayyoo tuffatu garuu in du'a. (Fak. 19:16)
- Namni gorsa tuffatu, ofii isaa in tuffata; namni ifata dhaga'u garuu qalbii in godhata.(Fak. 15:32)
- Namni biyya lafaa guutummaatti buufatee, lubbuu isaa garuu yoo dhabe, bu'aan isaa maali ree? (Maar. 8:36)

Waaqayyo olaantummaa qaba, kanaaf karaan fayyinaa inni sirriin maal akka ta'e nuuf labsuu danda'a.

- Bantii waaqaa irratti, lafa irrattis, galaanotaa fi tuujjuba hundumaa keessatti, Waaqayyo waanuma isatti tole in hojjeta.(Faar. 135:6)
- Fuula mootii duraa ariitiidhaan hin adeemin, inni wanta jaallate gochuu waan danda'uuf, dubbii hin taaneefis hin dhaabatin!Mootiin aboodhaan waan dubbatuuf, namni, Ati maaliif kana goota? ittiin jedhu hin jiru; (Lal. 8:3-4)
- Waaqayyo gooftaan maccaa kakatee, "Akka ani yaade in ta'a, akka ani murtoo godhettis in raawwatama; Waaqayyo gooftaan maccaa murtoo godheera, eenyutu isa hambisa ree? Harki isaas ol fuudhameera, eenyutu isa gad deebisa ree? (Isa. 14:24,27)
- Warri lafa irra jiraatan hundinuu waan tokkotti hin lakkaa'aman; inni macca bantii waaqaa keessatti, warra lafa irra jiraatan gidduuttis akkuma jaalala isaatti in hojjeta; harka isaa hojjechuu irraa kan ittisu, waan inni hojjetu kan gaafatus tokko illee hin jiru. (Daan. 4:35)

Waaqayyo nu jaallata, garuu amantiin keenya karaa dogoggoraa yoo ta'e hin fudhatu.

- Isin beekumsa in jibbitan, sodaa Waaqayyoos hin fo'anne;isin gorsa koo hin barbaadne, iffata koo hundumaas in tuffattan; kanaaf isin ija hojii keessanii in nyaattu, wanta akeeka baafattaniinis in wichirooftu. Wallaalota karaa irraa goruutu ajjeesa, gowwootas 'Giddii hin qabu' jechuutu balleessa.Namni anaaf dhaga'u garuu nagaatti in jiraata, wanta hamaa hin sodaatu, hin bir'atus" in jetti. (Fak. 1:29-33)
- Nama gowwaatti karaan ofii isaatii qajeelaa in fakkaata, namni ogeessi garuu gorsa in dhaga'a. (Fak. 12:15)
- Isaan waaqayyoof akka hinaafan dhugaa nan ba'aaf; haa ta'u iyuu malee, Waaqayyoof hinaafuun isaanii akka hubannaa dhugaatti miti.(Room. 10:2)

- Beekumsa utuu hin qabaatin hawwa duwwaa qabaachuun gaarii miti, namni miilli isaa jarjaru karaa irraa kaata.(Fak. 19:2)
- Kanaaf jaalalli gooftaa maal akka ta'e hubadhaa malee, wallaalota hin ta'inaa!(Efe. 5:17)
- Yesus garuu deebisee, "Caaffata qulqullaa'aa, humna Waaqayyoos waan hin beekiniif irraa kaattan.(Maat. 22:29)
- Nama ana tuffatee, dubbii koo fudhachuu diddetti kan faradu jira; dubbii ani dubbadhetu guyyaa isa dhumaatti isatti farada.(Yoh. 12:48)

Amantiin keenya sagalee Waaqayyoo irratti kan hundaa'e malee, barsiisa dogoggoraa, ykn duudhaa, ykn miira keenya irratti kan hundaa'e akka hin taane mirkaneeffachuu qabna.

Kanaaf Yesus deebisee, Isaayaas raajichi waa'ee keessan, waa'ee warra of hin arginee kanaa ba'eessa dubbate; Sabni kun afaan isaatiin ulfina anaaf kenna, garaan isaa garuu baay'eea nattii fagoo dha. Ana waaqessuun isaanii akkasumaan, abboommii namaa akka seera Waaqayyotti barsiisu kan jedhu caafamee jira. Isin abboommii Waaqayyoo dhiiftanii, seera muka abbootaatti qabamtan isaaniin jedhe. Yesus itti fufee, Seera muka abbaa keessanii jabeessuudhaaf jettanii abboommii Waaqayyoo diiguudhaaf mala ba'eessa argattan. (Mar. 7:6-9)

Waaqayyo baay'ee waan nu jaallatuuf, dubbii isaatiin akeekkachiisa baay'ee nuuf kenneera, akkasumas dubbii isaatiin karaa sirrii nu barsiisa.

- Dubbiin kee milla kootiif ibsaa dha, daandii koo irrattis in ifa.(Far. 119:105)
- Saaqamuun dubbii keetii ifa in kenna, wallaalota iyyuu in hubachiisa.(Faar. 119:130)
- Garbichi kee isaan in gorfama; namni isa eegus bu'aa guddaa qaba.(Faar. 19:11)
- Garaa kee guutuu Waaqayyoon amanadhu, hubannaa ofii keetiitti hin hirkatin! Karaa kee hundumaatti isa yaadi, innis daandii kee

siif in qajeelcha. Ani ogummaa qaba ofiin hin jedhin;
Waaqayyoon sodaadhu, wanta hamaattiis fagaadhu! (Fak. 3:5-7)

- Nuyi obsaa fi jajjabina caaffanni qulqullaa'oon nuuf kennaniin abdii akka argannutti, wanti caaffata qulqullaa'oo keessatti caafaman hundinuu nu barsiisuuf caafaman.(Room. 15:4)
- Mucummaa keetii jalqabdee caaffata qulqullaa'aa isa Kristos Yesusitti amanuudhaan akka fayyitutti ogummaa siif kennuu danda'u akka barte in beekta.(2Xim. 3:15)

Waaqayyo gonkumaa karaa isaa waan hin jijiirreef guutummaatti amantaa keenya irra kaa'uu dandeenya.

- Itti fufees, "Ani Waaqayyo waanan ta'eef, hin geddaramu; kanaaf yaa ilmaan Yaaqoob isin raawwattanii hin badne.(Mil. 3:6)
- Bara duriitti ati hundee lafaa in keesse, bantiwwan waaqaas hojji harka keetii ti.Isaan baduuf jiru, ati garuu haftee in jiraatta; isaan hundinuu akka uffataa in cicciitu, ati akka uffataatti baaftee isaan in gatta, isaanis in dhidhimu! Ati garuu isuma sana, waggoonni kees dhuma hin qaban.(Faar. 102:25-27)
- Kennaan gaariin hundinuu, kennaan guutuun hundinuus abbaa ifaa bira ol waaqa gubaadhaa in dhufa; abbaa ifaa bira gegeddaramuun, yookiis gaaddisi gara galuun iyyuu hin jiru.(Yaq. 1:17)
- Yesus Kristos kaleessa isuma ture, har'as bara baraanis isuma sana !(Ibr. 13:8)
- Waaqayyo akka namaa miti, inni hin sobu, gaabbiudhaafis inni ilma namaa miti, inni wanta jedhe hin godhoo ree? Wanta dubbates hin raawwatuu ree?(Lak. 23:19)
- Waaqayyo maree saba lafa irraa in diiga, yaadni namoonni qopheessanis hojji irra akka hin oolle in godha;mareen Waaqayyoo garuu bara baraan in dhaabata, yaadni garaa isaas dhalootaa hamma dhalootaatti in hojjeta. (Faar. 33:10-11)

3. Uumama Waaqayyoo

**Waaqni biraan bakka kamitti iyuu hin jiru, Waaqayyo
uumama isaatiin jiraachuu isaa ifa nuuf godheera.**

- Waaqayyo mootiin Israa'el inni Israa'elin furu, Waaqayyo gooftaan maccaa, Ani isa jalqabaa ti, isa dhumaan tis, ana malee Waaqayyo kan biraan hin jiru;(Isa. 44:6)
- Wanta dur ture yaadadhaa; ani Waaqayyoo dha, ana malee Waaqayyo kan biraan hin jiru, kan akka kootiis hin jiru;ani wanta booddee dhufuuif jiru duraan dursee himeera, durii durii jalqabees wanta amma iyuu hin ta'in jiru dubbadheera; akeeki koo dhaabataa in ta'a, wantan yaades nan raawwadha. (Isa. 46:9-10)
- Dheekkamsi Waaqayyoo, Waaqayyo malee jiraachuu fi jal'ina namootaa hunduma irratti waaqa irraa in mul'ata, isaanoo jal'ina isaaniitiin dhugaa gad in ukkaamsu.Waa'ee Waaqayyootiif beekuun kan namaaf danda'amu isaaniifis hubatamaa dha, kanas Waaqayyo ofii isaa isaanitti hubachiiseera.Bifni isaa ijaan hin argamne; garuu humni isaa inni bara baraa, waaqummaan isaa erga biyyi lafaa uumamee jalqabee waan inni uume irratti qalbfatamee yaadatti argamuu in danda'a; kanaafis waan itti qabatan hin qaban.(Room. 1:18-20)
- Namoonni hamoonni, warri ija nاما gowwoomsanis isa gadhee irraa gara isa caalaa gadheetti gad in adeemu; namoota in wallaalchisu ofii isaaniitiis in wallaalchifamu.(2Xim. 3:13)
- Gowwoonni garaa isaaniitti "Waaqayyo hin jiru" jedhu;isaan amalli isaanii manca'aa dha,hamminna ciigaasisaa hojjechaa jiru, namni waan gaarii godhu tokko illee hin jiru.(Faar.53:1)
- Inni jal'aan maaliif Waaqayyoon tuffata? Maaliifis garaa isaatti, Ati nama hin adabdu siin jedha ree? (Faar. 10:13)
- Caaffata qulqullaa'aa keessatti, dhugaa ana isa jiraataa! Jilbi hundinuu anaaf jilbeenfachuuf, arrabni hundinuu ani Waaqayyo akkan ta'e beeksisuuf jiru' jedha gooftichi" kan jedhu caafameera.Kanaafis nu keessaa hundumtinuu adda addaan waan

godhe sababii isaa wajjin Waaqayyotti himuuf jira. (Room. 14:11-12)

- Isaan immoo waan godhan sababii isaa wajjin isa warra jiranii fi warra du'anitti faraduuf qophaa'etti himuuf jiru. (1Phex.4:5)

Waaqayyo waan hundumaa baay'ee gaarii uume, garuu duuti, dhukkubni, gidiraan sababa cubbuu keenyaan dhufee itti fufee jira. Garuu abdiin jira!

- Waaqayyo waanuma hojjete hundumaa in ilaale; kunoo, innis baay'ee gaarii ture; galgallis ta'e, ganamnis ta'e; kun guyyaa ja'affaa dha.(Uma. 1:31)
- Egaa cubbuun karaa nama tokkoo biyya lafaatti akkuma dhufe, duunis karaa cubbuu akka gale, akkasumas namoonni hundinuu waan yakkaniif duuni sanyii namaa hundumaa wal ga'e.(Rom. 5:12)
- Egaa namni akka wanta bosose tokkoo, akka uffata biliidhaan nyaatamees in dhuma.(Iyo. 13:28)
- Uumamni, garbummaa isa wanta badu isa godhe jalaa luba in ba'a; luba ba'uun kun gara birmadummaa ijoolle Waaqayyoo warra ulfina qabaniitti in geessa.(Room. 8:21)
- Waaqayyo abbaan keenya, gooftaan keenya Yesus Kristosis ayyaana, nagaas isiniif haa kennu! Kristos akka fedha Waaqayyoo abbaa keenyaatti bara hamaa isa si'anaa kana keessaa nu baasuudhaaf jedhee, sababii cubbuu keenyaaf dabarsee of kenne. (Gal. 1:3-4)
- Humna hafuura qulqulluutiin abdiitti guddachaa akka adeemtanitti, Waaqayyo inni abdii namaaf kennu, isatti amanuu keessaniin gammachuu fi nagaa hundumaan isin haa guutu! (Room. 15:13)

4. Gaarummaa Waaqayyoo isa Guutuu

Waaqayyo karaa fi yeroo hundumaa guutummaatti qajeelaa fi gaarii dha.

- Waaqayyo karaa hoijetu hundumaatti qajeelaa dha, hojii isaa hundumaattis gaarummaa in argisiisa.(Faar. 145:17)
- Kun qajeelina Waaqayyoo in hima; inni kattaa koo ti, isa bira immoo jal'inni hin jiru. (Faar. 92:15)
- Waaqayyo inni qulqulluun garuubishee keessa jira, inni wanta qajeelaa hin ta'in tokko illee hin hoijetu; ganama ganama firdii isaa isa qajeelaa ifattii in baasa;kana gochuus hin dhiisu;jal'oonti garuu yeeloo hin beekan. (Sefa. 3:5)
- Waaqayyoon gooftaa keenya ulfinaan ol kaasaa, Waaqayyo gooftaan keenya qulqulluu dha; tulluu isaa isa qulqulla'a'aa irratti isaaf sagadaa!(Faar. 99:9)
- Waaqayyo ifa; dukkannis matumaa isa keessa hin jiru; ergaan nuyi isa irraa dhageenyee isintti himnus isuma kana.(1Yoh. 1:5)

Waaqayyo akkuma isaa guutuu taanee mootummaa isatti isaa wajjin akka taanu barbaada nuyi garuu guutuu miti.

- Ani firdii ulee ittiin safaran, qajeelummaas madaalii ittiin miijanan nan godhadha; soba isa isin kooluu itti galtan sana cabbiin in balleessa, da'oo isin jalatti baqattanis lolaan in jigsa. (Isa. 28:17)
- Guutummaa waldaa Israa'elitti dubbadhu! Isaaniin, 'Waaqayyo akkana jedha:- Ani Waaqayyo gooftaan keessan qulqulluu akkuman ta'e isinis immoo qulqulloota ta'aa! (Lew. 19:2)
- Egaa abbaan keessan inni waqa irraa mudaa malee akkuma ta'e, isinis warra mudaa hin qabne ta'aa! jedhe.(Maat. 5:48)
- Abraam nama wagga sagaltamii sagalii yeroo ta'etti Waaqayyo isatti mul'atee, Ani El-Shaadaayii dha" ["El-Shaadaayi" jechuun

"Waaqayyo isa hundumaa danda'u" jechuu dha]; "Balleessaa kan hin qabne ta'i, fuula koo dura deddeebi'i!(Uma. 17:1)

- Ammas yaa Israa'el Waaqayyoon gooftaa kee sodaachuu karaa isaa hundumaa irra adeemuu isa jaallachuu garaa kee guutuudhaan, jirenya kee guutuudhaanis Waaqayyo gooftaa keef hojjechuu malee Waaqayyo gooftaan kee maal si irraa barbaada? Gaarii akka siif ta'uuf abboommii fi seerrata Waaqayyoo warra ani har'a si abboomu kana eeguu malee maal si irraa barbaada? (Kees.10:12-13)

Waaqayyo namoota biroo wajjin wal bira nu qabee murtii hin kenu yookiin hojii gaariin nuti hojenne hojii keenya isa jal'aa hin dhoksu.

- Nuyi warra ofiif dubbatan sanatti of lakkaa'uudhaaf yookiis isaanitti of qixxeessuudhaaf ija hin jabaannu; isaan ija ofii isaaniitiin wal safaru, walii isaaniittis of in qixxeessu, kunis gowwummaa isaanii ti.(2Qor. 10:12)
- Waaqayyo garuu Saamu'eliin, "Ani waanan isa tuffadheef bifa isaa fi dheerina hojjaa isaatii hin ilaalin! Ani akka namni ilaalutti hin ilaalu; namni fuula ilaala, ani Waaqayyo garuu garaan ilaala" jedhe.(1Saam. 16:7)
- Namni waanuma tokkoof dhimma kan hin baafne ta'ee utuu jiruu, nama dhimma baasu yoo of se'e, inni of in gowwoomsa.(Gal. 6:3)
- Namni tokko seera keessaa warra kaan hundumaa eegee tokko yoo cabse, akka waan hunduma isaanii cabseetti yakki itti in murama.(Yaaq. 2:10)
- Lubbuun isa cubbuu hojjetuu haa du'u! Ilmi yakka abbaa hin baatin! Abbaanis yakka ilmaa hin baatin! Qajeelinni nama qajeelaa isumaaf haa lakkaa'amu! Jal'inni nama jal'aas isuma irraa haa barbaadamu. Namni qajeelaan immoo qajeelina isaa irraa deebi'ee wanta qajeelaa hi ta'in yoo hojjete wanta ciigaasisaa isa namni jal'aan hojjetes yoo godhe inni jiraataaree? Inni amanamummaa dhabee waan yakkeef cubbuu hojjete sanaan

du'a malee qajeelina inni hojjete sana keessaa tokko illee hin yaadatamuuf (His. 18:20,24)

Tokkoon keenyayyu ulaagaa Waaqayyoo hin madaallu hundi keenyas qulqullummaa isaa isa guutuu fi daangaa hin qabne irraa faallaa taanee guutummaatti gadi buuneerra.

- Ogeessonni Waaqayyoon barbaadan, yoo jiraatan arguudhaaf jedhee, Waaqayyo bantii waqaqa keessaa, ilmaan namootaa gad in ilaala; hundinuu dugda itti gataniiru, hundinuus wal ga'anii manca'aniiru; namni gaarii godhu tokko illee hin jiru, lakkii, tokko iyyuu hin jiru. (Faar. 53:2-3)
- Haa ta'u iyyuu malee namni qajeelaan yeroo hundumaa wanta gaarii hojjetu,cubbuus kan hin hojenne lafa irra hin jiru. (Lal. 7:20)
- Namni Waaqayyoof of kenne lafa irraa badeera, namni yaada qajeelaa qabus isaan keessa hin jiru; hundumti isaanii dhiiga nammaa dhingalaasuudhaaf riphanii in eeggatu; namni adduma addaan kiyyootti wal in oofa.Isaan keessaan inni hundumaa caalaa "Ba'eessa" jedhamu akka qoraattii ti, inni yaada qajeelaa "Qaba" jedhamus dallaa qoraattii caalaatti in sodaachisa; guyyaan adabamuu kee inni warri ilaaltuun si irratti dhufuu isaa argan ga'eera; walii wallaalchifamuun isaaniis amma ta'uu isaa ti. (Mik. 7:2,4)
- Namni xinnaan qilleensa, homaas miti, namni guddaan soba, dhugaas miti; miijana irratti ol in ka'u, walumatti qabaan isaanii immoo qilleensa caalaa in salphatu.(Faar. 62:9)
- Namni Yesuus Kiristoositti amanuudhaan fuula Waaqayyoo duratti qajeelaa in ta'a;kana irrattis warra amanan hundumaaaf garaagarummaan hin jiru.Hundumtuu yakkaniiiru,ulfinni Waaqayyoos isaanitti hir'ateera.(Room. 3:22–23)
- Waaqayyo, "Yaadni koo akka yaada keessanii, karaan koos akka karaa keessanii miti; akkuma waaqni lafa irraa ol fagaatu, akkasuma karaan koo karaa keessan irraa, yaadni koos yaada keessan irraa in fagaata. (Isa. 55:8–9)

- Egaa nuyi warri Yihudootaa caalmaa qabna moo ree? Waawuu, karaa, tokko illee hin qabnu; anoo kanumaan dura Yihudoonni, Yihudoota warri hin ta'in hundinuu humna cubbuu jala akka jiran mul'iseera.Caaffanni qulqulla'aan, "Namni qajeelaan hin jiru, lakkii, tokko illee hin jiruu.Namoonni hundinuu karaa Waaqayyoo irraa goraniiru, ergaan-takkaa warra dhimma hin baafne ta'aniru; namni gaarii hoijetus, tokko illee hin jiru. (Room. 3:9-10,12)

Akkuma Yesuus barsiise Waaqayyo gochaan qofa osoo hin taane, garaa, yaada, dubbii, kaka'umsaa fi ilaalchaan mudaa kan hin qabne akka taanu nurraa barbaada.

- Kunoo, ati keessa namummaa namaatti amanamummaa arguutti in gammadda, iddo dhokataa sana keessattis ogummaa na hubachiifta!(Faar. 51:6)
- Yesuus, 'Hin ejjin' jedhamee akka himame dhageessaniittu.Ani garuu isinittan hima, namni ija hawwaatiin dubartii ilaale garaa isaatti isheetti eijeera. (Maat. 5:27-28)
- Gaa'elli hundumaa biratti ulfina-qabeessa haa ta'u, ciisichi gaa'elaas hin xureeffamin! Waaqayyo warra halalee fi ejjituutti faraduuf jira.(Ibr. 13:4)
- Yesuus itti fufee, 'Hin ajjeesiin, namni yoo nama ajjeese abboota firdii duratti itti in faradama' jedhamee warra duriitti akka himame dhageessaniittu.Ani garuu isinittan hima, eenyu illee obboleessa isaatti yoo dheekkame abboota firdii duratti itti in faradama; obboleessa isaatiin 'Doofaa' yoo jedhe yaa'ii biyya seerraatu duratti itti infaradama; obboleessa isaatiin 'Raatuu' yoo jedhe ibidda qililleetti itti in faradama. (Maat. 5:21-22)
- Obboleessa isaa kan jibbu hundinuu nama nama ajjeesee dha; namni nama ajjeese abdii jirenya bara baraa of keessaa akka hin qabne isin iyyuu beektu.(1Yoh. 3:15)
- Barsiisota seeraa fi Fariisota of hin arginee nana isiniif wayyoo! Isin alaa gaarii akka awwaalota nooraa dibamanii ti; Isaan karaa alaa ijatti mimmiidhagoo in fakkaatu, keessi isaanii garuu lafee

warra du'anii fi waan xuraa'aa hundumaatiin guutuudha. Isinis immoo akkasuma karaa alaa namoota biratti qajeelota fakkaattu, keessi keessan garuu of arguu dhabinaa fi irra-daddarbaan guutuu dha" jedhe. (Maat. 23:27-28)

Cubbuun waa'ee amala Waaqayyoo of sobuu jecha kana of keessaa qaba. "Waaqayyo jaalala waan qabuuf cubbuu keenya bira ni darba."

- Isin garuu dubbii sobaa isa waa'ee hin baafne in amanattu.(Er. 7:8)
- Namni Waaqayyoon amanannaas isaa godhatu, warra of bokoksanitti, warra amantii isaanii gananii, soba duukaa bu'anittis inni hin gorin haa gammadu!(Faar. 40:4)
- Warra soba dubbatan lafa irraa in balleessita, Waaqayyo warra dhiiga namaa dhangalaasanii fi warra nama wallaalchisan in ciingga'a.(Faar. 5:6)
- Garuu warri akka saree [waan hundumaa xureessan], warri qoricha namatti godhan, warri halaleen, warri gumaa, warri waaqayyolii tolfaman waaqessan, warri wanta sobaa jaallatan, warri hojjetanis hundinuu alatti in hafu.(Mul. 22:15)
- Qoodi warra lugnootaa, warra amantii hin qabnee, warra ciingga'amaa, warra gumaa, warra halalee, warra qoricha namatti godhanii, warra waaqayyolii tolfaman waaqessanii, warra sobduu hundumaas garuu, kuufama ibiddii fi dhagaan boba'u keessaa balalchu in ta'a; innis du'a lammaffaa dha" naan jedhe.(Mul. 21:8)

Cubbuun waaqa tolfamaa waaqeffachuu yaada keenya keessatti fakkii Waaqayyoo isa sobaa offi keenya kan nuti filannee fi itti mijatu uumuu dabalata.

- Egaa sanyii Waaqayyoo erga taanee, Waaqayyo akka yaada namaatti harka nama ogeessaatiin, bifa isa warqee irraa yookiis meetii irraa yookiis dhagaa irraa hojjetame fakkaata jennee yaaduun nuuf hin ta'u.(HoE. 17:29)

- Namoonni hundinuu garuu beekumsa waan hin qabneef, in gowwoomu; warri warqee baqsan hundumti isaanii, waaqayyolii tolchan sanatti in yeella'u; bifni isaan baqsanii tolchan sun, wanta sobaa fi bifa hafuurri keessa hin jirree dha. Waaqayyoliin tolfamoon kun, kan waa'ee hin baafnee dha, mi'a ga'oo tis; gaafa adabni isaanitti dhufu isaan in badu. (Er. 51:17-18)
- Waaqayyoliin tolfamoon maatii wanta waa'ee hin baafne in dubbatu, warri hooda himanis mul'ata sobaa in argu, abjuu sobaas in himu; isaan akkasumaan nama in jajjabeessu; kanaaf sabni tiksee waan hin qabneef, akka hoolotaa in jooru, in rakkatus.(Zak. 10:2)
- Ani Waaqayyo gooftaa keessan! Isin gara waaqayyolii tolfamootti hin garagalinaa! Yookiis wanta baqfamu irraa waaqayyolii hin hojjetatinnaa!(Lew. 19:4)
- Seerrata isaa fi kakuu Waaqayyo abboota isaaniif kakate, isa inni isaan akekkachiises in tuffatan; wanta waa'ee hin baafne duukaa bu'anii kan waa'ee hin baafnes ta'an; Waaqayyo, "Wanta sabni naannoo keessan jiran hojjetan hin hojjetinaa!" jedhee yoo isaan abboome iyyuu, isaan didanii hojii jara sanaa duukaa in bu'an.(2Moot. 17:15)
- Isa jallaadhaan garuu Waaqayyo ati maalummaa keetti seerrata koo tokko tokkoon himta?Kakuu koos maaliif maqaa dhoofta?in jedha. Ati kana gootetta ani immoo calluman jedhe kanaaf ati akkuma ofii keen a seete; amma garuu ani sin ifadha;waan ati gootes ija keetti nan agarsiisa. (Faar.50:16,21)

Kennaa fayyisuu Waaqayyoo yoo fudhanne malee, bu'aan cubbuu keenyaa du'a bara baraa, mootummaa Waaqayyoo irraa adda ba'uu dha.

- Namni abbaa isaa yookiis haadha isaa abaaru mama malee haa ajjeefamu! Inni abbaa isaa yookiis haadha isaa waan abaareef, dhiigni isaa mataadhuma isaa irraa haa barbaadamu! (Lew. 20:9)
- Dhoksaatti nama kan hamatu, lammaffaa akka hin dubbanne nan godha; nama waan guddaatti of ilaaluuf, nama of bokoksufis ani

obsuu hin danda'u. Namni haxxummaadhaan hojjetu, mana koo keessa hin jiraatu, namni soba dubbatu ija koo dura hin dhaabatu. (Faar. 101:5,7)

- Isaan jal'ina, hammina, sassata, gadhummaa hundumaan guutamanii turan. Kanaanis guutamanii in hinaafu, in ajjeesu, nama in lolu, in gowwoomsu, warra kaaniif isa gadhee in hawwu, dhoksaa namaa in mul'isu; in hamatu, Waaqayyoon in jibbu, humnaan nama irratti in ka'u, in afuufamu, of in jaju, hamaa lafaa fuudhanii in bixxilu, warra isaaniif hin abboomaman. Qalbii hin qaban, waan dubbatan hin eegan, jaalala of keessaa hin qaban, oo'as hin qaban. Akka abboommii Waaqayyootti warra kan akkasii godhaniif duuni akka isaaniif ta'u, in beeku. Haa ta'u iyyuu malee, ofii isaaniitii kan akkasii in godhu; kana gochuu isaanii duwwaas utuu hin ta'in, warra kana godhaniin "Ba'eessa gootan" in jedhu. (Room. 1:29–32)
- Egaa warri jal'oонни mootummaa Waaqayyootti akka hin galle hin beektanii ree? Hin gowwoominaa! Warri halaleen warri waaqayyolii tolfaman waaqesson, warri ejjan, warri gadhaa'an, warri nama gadhoomsanis, warri hatan, warri sassatan, warri machaa'an, warri maqaa namaa balleesson, warri nama saamanis matumaa mootummaa Waaqayyootti hin galan. (1Qor. 6:9–10)
- Beenyaan nama cubbuu hojjetuu du'a; kennaan Waaqayyoo inni Kristos Yesus gooftaa keenyaa wajjin tola kennamu garuu jirenya bara baraa ti. (Room. 6:23)

Cubbuun keenya badii mataa keenyaa waan ta'eef tokkoon tokkoon keenya dhuunfaan itti gaafatamummaa qabna.

- Lubbuun isa cubbuu hojjetuu haa du'u! Ilmi yakka abbaa hin baatin! Abbaanis yakka ilmaa hin baatin! Qajeelinni nama qajeelaa isumaaf haa lakkaa'amu! Jal'inni nama jal'aas isuma irraa haa barbaadamu! (His. 18:20)
- Namni yommuu qoram, qoram si kun Waaqayyo biraan atti dhufe hin jedhin! Waaqayyo hamaa gochuudhaaf qoramuu hin danda'u, ofii isaatiis nama tokko illee hamaadhaaf hin

qoru.Garuu tokkon tokkon namaan kajeellaa ofii isaatii isa hamaadhaan harkifamee yommuu qabamu in qorama.Kajeellaan hamaan erga iddo ga'ee cubbuu in dhala; cubbuunis erga raawwatamee du'a in dhala.Obboloota ko jaallatamoo, hin gowwoominaa! (Yaaq. 1:13-16)

- Badiisi warra jal'ootaaf, adabni jabaanis warra irra-daddarbaa hoijjetaniif mitii ree? Waaqayyo karaa koo hin arguu ree? Tarkaanfii koo hundumaas hin lakkauu ree? (Iyo. 31:3-4)
- Bantii waqaqa keessatti, lafa irratti, iddo hundumaattis waanan argamuuf namni suqaa keessa yoo dhokate ani isa hin arguu ree?(Er. 23:24)
- Yaa Waaqayyo, ati gowwummaa koo in beekta, wanti ani balleesses tokko illee si duraa hin dhokanne.(Faar. 69:5)
- Wanti Waaqayyo uume tokko illee isa duraa dhokachuu hin danda'u; wanti hundinuu saaqamaa, ija isaa durattis mul'ataa dha; nus waan goone sababii isaa wajjin isatti himuun nu irra jira.(Ibr. 4:13)

Cubbuun keenya Waaqayyoon kan aarsu waan ta'eef fayyinni isaa karaa Yesuus Kiristoos nu barbaachisa.

- Namni hin yakkine tokko illee waan hin jirreef, sabni kee yommuu si yakk, ati isaanitti dheekkamtee, diinota isaanii warra isaan booji'anii biyya fagootti yookiis dhi'ootti isaan geessanitti dabarsitee yommuu isaan kennitu (1Mot. 8:46)
- Ati gara nama isa hojii qajeelaa hojjechuutti gammaduu fi gara nama isa karaa kee yaadatuu in dhufta.Kunoo nuyi waan cubbuu hojjenneef ati nutti in dheekkamte;nuyi cubbuu keessa bara dheeraa yoo turre iyyuu amma immoo in fayyina.(Isa.64:5)
- Egaa dhaqii dubpii kana biyya gara bitaatti dubbadhuu, 'Yaa Israa'el, ishee ana Waaqayyo irraa garagaltee, ani araara-qabeessa waanan ta'eef, hamma bara baraatti sitti hin dheekkamu, ija dheekkamsatiinis si hin ilaaluutii, gara kootti deebi'i!' jedhi! Ati, 'Ana Waaqayyo gooftaa keetiif abboomamuu diduudhaan ana irratti kaatee muka baala qabu hundumaa jalatti

waaqayyolii ormaatiif waan sitti tolu waan hojjetteef, ati yakka kee beeki!" jedhi!" jedhe; Waaqayyo kana dubbateera. (Er. 3:12–13)

- Yaa saba nana, yeroo sanatti ati, "Yaa Waaqayyo, ati anatti dheekkamtee turte, amma garuu dheekkamsa kee ana irraa deebiftee waan na jajjabeessituuf sin jajadha.Kunoo, Waaqayyo fayyisaa koo ti, ani isa nan amanadha, homaas hin sodaadhu; Waaqayyo gooftaan humna koo isa ani faarfadhuu dha, inni fayyisaa koo anaaf ta'eera" in jetta.(Isa. 12:1-2)

5. Haqa Waaqayyoo isa guutuu

Waaqayyo jaalalaa fi gara laafessa ta'us haqa isaa tuffatee cubbuu keenya bira darbuu hin danda'u, kanaaf fayyisuun isaa nu barbaachisa.

- Gooftichi achumaan Musee dura darbee sagalee isaa dhageessisee, Ani Waaqayyo gooftichi, Waaqayyo isa oo'a-qabeessaa fi araara-qabeessa; aariitti suuta-jedhaa dha; gaarummaan koo fi amanamummaan koo guddaa dha. Ani gaarummaa koo dhaloota kumaatamaaf jabeessee kanan eeguu dha; yakka, irra-daddarbaa, cubbuus namaaf nan dhiisa; haa ta'u iyyuu malee, isa yakkaa utuun hin adabin hin dhiisu; yakka abbootaa immoo hamma dhaloota sadiitti, hamma afuriittis harka ijoollee fi ijoollee ijoollee isaanii keessaa barbaadee nan adaba jedhe. (Ba'uu. 34:6–7)
- Ani Waaqayyo aariitti suuta-jedhaa dha, gaarummaan koo guddaa dha, cubbuu fi yakkaa fi irra-daddarbaa namaaf nan dhiisa; haa ta'u iyyuu malee, nama yakka qabu utuun hin adabin hin dhiisu; ijollota sababii yakka abboota isaaniitiif hamma dhaloota sadiitti, hamma afuriittis nan adaba' jetteetta.(Lak. 14:18)
- Waaqayyo aangoo guddaa qaba, dheekkamuuf hin ariifatu, isa yakke immoo adabuu hin dhiisu; inni qilleensa bubbisuu fi

bubbee humna-qabeessa keessa in adeema, duumessoonnis awwaara miilla isaatii ti;(Naho. 1:3)

- Inni kattaa jabaa dha, wanti inni godhus mudaan hin qabu, karaan isaa hundinuu qajeelaa dha, inni Waaqayyo amanamaa dha, jal'innis isa keessa hin jiru, inni dhuga-qabeessaa fi qajeelaa dha. (Kes. 32:4)
- Isin dubbii keessaniin Waaqayyoon dadhabsiiftaniittu; garuu, "Attamitti isa dadhabsiifne?" jettanii in gaafattu; isin, "Warri wanta hamaa hoijjetan hundinuu fuula Waaqayyoo duratti gaarii dha, innis isaanitti in gammada; yookiis immoo Waaqayyo abbaan firdii dhugaa eessa jira?" jettanii gaafachuudhaan isa in dadhabsiiftu.(Mil. 2:17)
- Cubbuu hin qabnu yoo jenne of in sossobna; dhugaanis nu keessa hin jiru.(1Yoh. 1:8)
- Ani balleessaa hin qabu, kanaaf dheekkamsi isaa ana irraa deebi'e' in jetta. Kunoo, ati, 'Ani cubbuu hin hoijjenne' waan jetteef, ani immoo sitti nan farada; (Er. 2:35)

Waaqayyo gara laafessa fayyinas kenneera, garuu murtii cimaa inni labsuu danda'u irraa kan ka'e sirritti sodaatamuu qaba.

- Egaa gaarummaa fi humna Waaqayyoo yaadadhu!Warra irraa kufanitti hamaa dha, siif garuu gaarii dha; kunis yoo ati gaarummaa isatti jabaatte duwwaa dha; kanaa achi atis immoo mukicha irraa in muramta. (Rom. 11:22)
- Nuyi mootichaan, "Irreen gargaarsa Waaqayyo keenyaa warra wanta gaariidhaaf isa barbaaddatan hundumaa wajjin jira; humni dheekkamsa isaa garuu warra dugda isatti gatan irratti in ta'a" jennee dubbannee waan turreef, karaa irratti diinota keenya akka nurraa eeganiif loltootaa fi abboota fardeenii mooticha kadhachuu nan yeella'e. (Iz. 8:22)
- Na naasisuu kee irraa kan ka'e namummaan koo in rifata, firdii kees nan sodaadha. (Far. 119:120)

- Warra foon namaa ajjeesanii lubbuu garuu ajjeesuu hin dandeenye hin sodaatinaa! Kanaa mannaa isa lubbuu fi foon qilillee keessatti balleessuu danda'u sodaadhaa! (Mat. 10:28)
- Yaa gooftaa! Namni si hin sodaanne, maqaa kees kan hin guddifne eenu? (Mul. 15:4)
- Waaqayyoon sodaachuun jalqaba ogummaa ti, gowwoonni garuu ogummaa fi barsiisa in tuffatu. (Fak. 1:7)
- Waaqayyoon sodaachuun jireenyatti nama geessa, namni soWaaqayyoontiindaa guutame yaaddoo malee in boqota, wanti hamaanis isatti hin bu'u(Fak. 19:23)
- Gaarummaa fi amanamummaadhaan isa yakkeef araarri in godhama; namni Waaqayyoon sodaachuudhaan wanta hamaa irraa in fagaata.(Fak. 16:6)

**Yesuus Kiristoos mataan isaa Abbaa Murtii waan ta'eef,
haala murtii isaa dursee nutti hime.**

- Guyyaa itti harka nama fo'ate sanaatiin, biyya lafaatti qajeeltootti faraduuf jedhu, muree kaa'eera; namicha fo'ate sana du'aa kaasuu isaatiin, kana nama hundumaaf cimseera" jedhe. (HoE. 17:31)
- Kun fuula Waaqayyoo duratti in ta'a, inni in dhufa, eyyee, inni lafaaf firdii kennuudhaaf in dhufa;guutummaa biyya lafaaf qajeelummaadhaan saba hundumaafis amanamummaadhaan firdii in kenna.(Far. 96:13)
- Waaqayyo dubbii isaa namoota Israa'elitti erguu isaa, misraachoo nagaa Yesus Kristosiin lallabuu isaa, Yesus Kristos kun immoo gooftaa namoota hundumaa ta'uu isaa, gaarii gootanii in beektu.Inni wangeelicha namootatti akka lallabnuuf, warra jiranii fi warra du'an irratti abbaa firdii ta'ee moosifamuu Isaas, akka dhugaa baanuuf nu abboomeera. (HoE. 10:36,42)
- Firdii kan kennu immoo Waaqayyoo dha, isa tokko gad in deebisa, isa kaanis ol in qaba. (Far. 75:7)
- Adabni warra wanta hamaa hojjetan irra dafee waan hin geenyeef, garaan ilmaan namootaa guutummaatti wanta hamaa hojjechuutti in jabaata. (Lal. 8:11)

- Inni, "Ka'ii oobdii mana qulqullummaa keessa dhaabadhuu wanta ani si abboomu hundumaa mandaroota Yihudaa keessaa mana qulqullummaa kana keessatti ana Waaqayyoof sagaduuf warra dhufan hundumaatti himi! Wanta ani si abboomu kana hundumaa keessaa tokko illee hin hambisin! Isaan dubbicha dhaga'anii karaa isaanii isa hamaa irraa yoo deebi'an, ani immoo hojii isaanii isa hamaadhaaf jedhee isan isaan adabuuf yaade nan dhiisa; (Er. 26:2-3)
- Kanaafis, "Yaa mana Israa'el! Ani akka hojii keessaniitti tokkon tokkon keessanitti nan farada, yakki keessan akka isin hin kuffifnetti yaada garaa keessanii geddaradhaa, irra-daddarbaa keessan hundumaa irraas deebi'aa!" jedha Waaqayyo gooftaan.(His. 18:30)
- Ilma isaa kanatti kan amanu itti hin faradamu, isatti kan hin amanne garuu, maqaa tokkicha ilma Waaqayyootti waan hin amaniniif, ammuma iyyuu itti faradameera.(Yoh. 3:18)

Waaqayyo jaalala isaatiin du'a bara baraa jalaa miliquo nuuf qopheessee nu akeekkachiiseera, yoo diina isaa taane, sun filannoo keenyaan malee filannoo isaatiin miti.

- Waaqayyo keenya Waaqayyo isa fayyisuu dha, Waaqayyo gooftaan du'a jalaa baasuufis karaa qaba. Waaqayyo garuu mataa diinota isaatii, gubbee nama akkuma yakketti deddeebi'uus in hurreessa. (Far. 68:20-21)
- Yoos immoo nuyi fayyina guddaa akkasii isa gooftaan ofii isaatii jalqabatti dubbate tuffannee, attamitti isa jalaa baana ree? Warri isa dhaga'an immo dubbii kana nuuf cimsaniiru.(Ibr. 2:3)
- Akka waan firdiin du'aa nutti faradameetti, nutti dhaga'amee ture; garuu nuyi, Waaqayyo isa warra du'an kaasu duwwaa malee, ofii keenya akka hin amananneef kun ta'e. Waaqayyo sodaachisa du'aa, isa akkasii keessaa nu oolcheera, nu oolchuufis jira; amma iyyuu deebi'ee akka inni nu oolchuuf abdii keenya isa irra kaa'anneerra. (2Qor. 1:9-10)

- Yaa Waaqayyo, ati kadhata koo anaaf dhaga'i, gurri kees himata koo haa dhaggeeffatu! Amanamummaa keetiin, qajeelummaa keetiinis anaaf deebisi! Garbicha kee firdiitti hin dhi'eessin! Nama ta'ee kan jiraatu keessa tokko illee si duratti qajeelaan hin jiru.(Far. 143:1–2)
- Akka qajeelummaa keetti dhugaa koo anaaf baasi, yaa Waaqayyo gooftaa ko! Warri diina anatti ta'an kunis ana irratti hin gammadin!"(Faar. 35:24)
- Yaa Waaqayyo, maqaa keetiin ati na oolchi, aangoo keetiinis dhugaa anaaf baasi!(Faar. 54:1)
- Maqaan Waaqayyoo gimbii jabaa dha, namni qajeelaan gara isaatti baqatee in oola. (Fak. 18:10)
- Mata-jabina keetii fi yaada garaa keetii geddarachuu diduu keetiin garuu, guyyaa dheekkamsaatiif guyyaa firdiin Waaqayyoo inni qajeelaan itti mul'atuuf dheekkamsa of irratti walitti in qabda;Waaqayyo nama hundumaafuu adda addaan akkuma hojii isaatti gatii in kennaaf. (Room. 2:5-6)

6. Jaalala Waaqayyoo isa ajaa'ibsiisaa

Waaqayyo dorgommii ol kan ta'e jaalala fi gara laafessa, oo'a qabeessa, obsaa fi dhiifama kan godhu dha.

- Waaqayyo jaalala waan ta'eef, namni hin jaallatin, Waaqayyoon hin beekne. (1Yoh. 4:8)
- Waaqayyo oo'a-qabeessaa fi araara-qabeessa, aariitti suuta in jedha, gaarummaan isaas guddaa dha.(Far. 103:8)
- Oo'i kee guddaa dha, yaa Waaqayyo, araara keetiin lubbuu anatti deebisi! (Faar. 119:156)
- Araarri Waaqayyoo garuu baay'ee waan ta'eef, jaalala isaa isa guddaa sanaan nu jaallate. (Efe. 2:4)
- Isaan garuu abboomamuu in didan; mataa jabaatanii didanii ka'uu isaaniitiin gara mana garbummaatti deebi'uudhaaf dura-buutuu fo'atan malee, dinqii ati isaan gidduutti hojette hin

yaadanne; ati immoo Waaqayyo isa cubbuu namaaf dhiisuudhaaf qophaa'ee dha, araara-qabeessaa fi oo'a-qabeessas; dheekkamsaaf suuta jetta, gaarummaan kee guddaa waan ta'eefis ati isaan hin ganne. (Nah. 9:17)

- Beekumsa fayyinaa sabaWaaqayyoof kennuudhaaf dhiifamuu cubbuu isaaniis argachiisuudhaaf; Waaqayyo keenya, araara isaa isa oo'aan guuteen, barii fayyinaa nuuf bariisia; (Luq. 1:77-78)
- Yaa Waaqayyo, kan akka kee cubbuu namaaf dhiisu eenyu ree? Ati dhuunfaa kee kan ta'an keessaa warra hafaniif balleessaa isaanii irra in darbitaaf; ati gaarummaatti in gammadda malee, dheekkamsa keessa hin ooltu. (Mik. 7:18)
- Yommus inni Waaqayyoon kadhatee, "Maaloo yaa gooftaa, utuun biyya kootii hin ka'in, inni ani sodaadhe isuma kana mitii ree? Ati Waaqayyo araara-qabeessa, oo'a-qabeessa, aariitti suuta-jedhaa dha, gaarummaan kee baay'ee dha, wanta hamaa fiduuf jettees in dhiifta; ani kana beekeen harka si dursee Tarshiishitti sokke. (Yon. 4:2)

**Waaqayyo nu jaallata, nu wajjinis hariiroo qabaachuu
barbaada, garuu sun kan danda'amu ajaja Waaqayyoo
Yesuusitti akka amannu nuuf kenne ajajamuudhaan qofa.**

- Waanan isin abboome yoo gootan, isin firoota koo ti. (Yoh. 15:14)
- Hamma isa simataniif immoo ijoollee Waaqayyoo akka ta'aniif aboo isaaniif kenne; isaanis warra maqaa isaatti amananii dha.(Yoh. 1:12)
- Waaqayyo yommus Hose'aadhaan, "Si'achi garuu lakkobsi namoota Israa'e'l akka cirracha galaanaa isa hin safaramnee, isa hin lakkaa'amnees in ta'a; qooda, "Isin saba koo miti" ittiin jedhame immoo, "Ijoollee Waaqayyo isa jiraataa" jedhamuuf jiru.(Hos.2:1)
- Isinis nuu wajjin tokkummaa akka qabaattaniif, isa arginee fi isa dhageenye sana isinitti in himna; tokkummaan keenya immoo

abbaadhaa wajjin, ilma isaa Yesus Kristosii wajjinis. (1Yoh. 1:3)

**Waaqayyo cubbuu keenya irratti haqa isaa mul'isee
akkasumas murtii du'aa nuuf baachuun jaalala isaa
agarsiise.**

- Waaqayyo akka nuyi isaan jirenya argannuuf, tokkicha ilma isaa gara biyya lafaatti erge; kanaan jaalalli Waaqayyoo nu gidduutti in mul'ate. Nuyi Waaqayyoon hin jaallanne; inni garuu nu jaallate, ilma isaas cubbuu keenyaaf furee haa ta'uuf nuuf erge. Jaalala jechuun isa kana. (1Yoh. 4:9-10)
- Waaqayyo garuu, utuma nuyi cubbamoota taanee jirruu, Kristos nuuf du'uu isaatiin hammam akka nu jaallate in argisiisa.(Rom. 5:8)
- Ammas yaa obboloota ko! Wangeela isa ani isinitti lallabe, isa isin fudhattan, isa isin itti cimtanii dhaabattanii jirtan isin nan barsiisa.Hundumaa irra caalaa waanan ofii kootii fudhadhe isinitti dabarsee kenneera; innis caaffanni qulqullaa'oon akka jedhanitti, Kristos cubbuu keenyaaf du'eera;Inni awwaalameera, caaffanni qulqullaa'oon akka jedhanitti guyyaa sadaffaattis du'aa kaafameera.“Kana booddee immoo ergaantakkaa obboloota dhibba shan caalanitti mul'ate; isaan keessaa kaan illee boqotaniiru garri caalan garuu amma iyyuu jiru.” (1Qor. 15:1-4,6)
- Waaqayyo, akkasitti tokkicha ilma isaa hamma kennuufitti biyya lafaa jaallate; kun immoo isatti kan amanu hundinuu jirenya bara baraa haa qabaatuuf malee, haa baduuf miti! (Yoh. 3:16)

**Yesuus lubbuun isaa akka irraa fudhatamu hin goone, garuu
jaalalaan bilisaan nuuf of kenne.**

- Homtinuu lubbuu koo na duraa hin fudhatu anumatu ofii kootiin kenna malee. Ani lubbuu koo dabarsee kennuudhaaf, ammoo deebisee fudhachuudhaaf aboo qaba; abboommii kana immoo abbaa koo biraan fudhadhe" jedhe. (Yoh. 10:18)

- Kristos lubbuu isaa nuuf kennuu isaatiin jaalalli maal akka ta'e hubanneerra; egaa nus immoo lubbuu keenya obbolootaaf kennuu nuuf ta'a.(1Yoh. 3:16)
- Egaa si'achi Kristos isa ana keessaatu jiraata malee, anatu jiraata miti; jirenya ani amma fooniin jiraadhu immoo, ilma Waaqayyoo isa na jaallate, ofii isasas dabarsee isa anaaf kennetti amanuudhaan nan jiraadha. (Gal. 2:20)
- Kristos akkuma nu jaallate, isinis immoo jaalalatti jiraadhaa! Inni aarsaa fooliin isaa tolu, qalma Waaqayyoof dhi'aatus godhee nuuf jedhee of kenneera. (Efe. 5:2)

7. Yesuus Waaqayyo Fayyisaa keenya

Yesuus Waaqayyo Ilma, isa bara hundumaa ture, bara baraan jiraatu isa jaalalaan fayyina isaa (buddeena jirenyaa) nu sooruuf Nama ta'uudhaan gad of deebisee dhufe.

- Ani illee sanyii Efreem daaddisuu nan barsiise, kaasuuttiis ol isaan nan fuudhe, isaan garuu kan isaan fayyisu ana akka ta'e hin beekne.Ani lookoo gara-laafinaatiin hidhaa jaalalaatiin isaan nan harkise; akka isa waanjoo boquu isaanii irraa itti laafisees isaaniif nan ta'e, gara isaaniittis gad jedhee isaan nan nyaachise. (Hos. 11:3-4)
- Yommus Waaqayyo, "Gad qabamuu saba koo warra Gibxi jiranii argeera; isa isaan warra humnaan isaan hojjechiisan jalaa ba'uudhaaf iyyatanis dhaga'eera; dhiphina isaaniis ani beeka;Ani harka warra Gibxii keessaa isaan baasuudhaaf gad bu'eera; biyya sana keessaa gara biyya gaariitti, biyya bal'aatti, biyya aannanii fi damma baasutti, lafa Kana'aanotaa, Heetotaa, Amoorotaa, Pheriizotaa, Hiiwotaa, Yibusootaattis ol isaan nan baas (Bau. 3:7-8)
- Yesus deebisee, "Walii keessanitti hin guunguminaa! Ani buddeenicha jiraataa isa waaqa irraa gad bu'ee dha; eenyu illee buddeena" kanattii yoo nyaate bara baraan in jiraata; buddeenni

ani biyya lafaatiif jirenya fiduudhaaf kennus, foon koo ti"
isaaniin jedhe. (Yoh. 6:43,51)

- Sagalichi jalqaba waan hundumaa dura ture; sagalichi Waaqayyo bira ture; sagalichi ofii isaa Waaqayyo ture. Sagalichis nama foonii ta'ee, nu gidduuus buufate. Ulfina isaa isa ayyaanaa fi dhugaadhaan guutes argine; ulfinni isaas isa ilmi tokkichi abbaa isaa irraa argatu ture. (Yoh. 1:1,14)
- Abboonni qomoo kan isaanii ti; akka firooma fooniittis Kristos qomoo isaanii keessaa dhalate. Waaqayyo inni hundumaa gararraa jiru bara baraan haa galateeffamu! Ameen. (Room. 9:5)
- Nama Waaqayyoo ta'uun keessa iyyuu dhoksaan guddaan akka jiru amanamaa dha; kanaafis, "Inni foon uffatee mul'ateera, hafuurichi dhugaa galcheeraaf, ergamoota Waaqayyootti argameera, saba biyya lafaa keessatti lallabameera, guutummaa biyya lafaa keessatti ittiamanameera, ulfinaan ol fudhatameera" jedhamee himameera." (1Xim. 3:16)
- Guutummaan waaqayyummaa namummaa Kristos keessa in jiraata. (Qol. 2:9)
- Garuu gaarummaanii fi jaalali Waaqayyo fayyisaan keenya ittiin nama jaallate yeroo isaatti in mul'ate. (Tit. 3:4)
- Ani Simoon Phexros, Yesus Kristosiif hojjetaa, ergamaas ta'ee, warra karaa qajeolina Waaqayyo keenyaaf fayyisaa keenyaa Yesus Kristos amantii gati-jabeessa isuma nuyi arganne sana argataniif caafuu koo ti. (2Phe. 1:1)
- Haa ta'u iyyuu malee, Waaqayyo mootiin koo kan durii durii ti, irra lafaa keessattis gocha fayyisuu isaa hundumaa in raawwata. (Far. 74:12)

**Yesuus maqaa Waaqayyoo “ANI JIRA” jedhu ofitti
fudhachuudhaan Waaqayyo ta’uu isaa agarsiise. Labsii
Toomaas falmii tokko malee argate.**

- Waaqayyo deebisee Museedhaan, "Ani 'Isa jiraataa dha,' ati immoo saba Israa'eliin, 'Inni jiraataan isintitti na ergeera' in jetta. (Bau. 3:14)

- Kana irratti Yihudoonni, "Atoo waggaa shantama iyyuu hin guunne, eessaa Abrahaamin argite?" jedhaniin. Yesus immoo deebisee, "Dhuguma, dhuguman isinitti hima, Abrahaam utuu hin dhalatin iyyuu ani jiran ture" isaaniin jedhe. Yommus Yihudoonni Yesusitti darbachuudhaaf dhagoota funaannatan; inni garuu of dhoksee mana qulqullummaa keessaa ba'ee adeeme (Yoh. 8:57–59)
- Kana booddee Toomaasiin, "Quba kee fidii as irra kaa'i, harka koo lamaan ilaali, harka kee fidiitii madaa cinaacha koo keessa kaa'i; kan hin amanne hin ta'in, kan amante ta'i malee!" jedhe. Toomaasis, "Gooftaa ko, Waaqayyo ko!" jedhee deebiseef. Yesus immoo, "Yaa Toomaas, waan ana argiteef amantee? Utuu ana hin argin kan amanan, attam haa gammadan!" ittiin jedhe. Sababii Wangeelichi Caafameef (Yoh. 20:27–29)

Yesuus adabbii cubbuu keenyaa fudhachuu akka danda'uuf Nama ta'e. Inni Waaqayyos ta'ee Nama waan ta'eef giddu-galeessa nuuif ta'e.

- Kanaafis inni fuula Waaqayyoo duratti angafa lubootaa isa oo'a-qabeessaa fi amanamaa ta'uudhaaf, namoota dhiifamuu cubbuu argachiisuudhaaf, karaa hundumaa obboloota isaa fakkaachuu isa barbaachise. (Ibr. 2:17)
- Waaqayyo tokkicha, inni gidduu dhaabatee Waaqayyoo fi nama walitti fidus tokkicha, inni immoo Kristos Yesus isa nama ta'ee mul'atee dha. Inni furii namoota hundumaaf ofii isaa dabarsee kenne, kunis yeroo isaatti dhugaa baafame. (1Xim. 2:5–6)

Yesuus, Waaqayyo keenya inni qajeelaan, jaalalaan cubbuu keenya akka nuti isaa wajjin jiraannuuf baatee, fayyisaa tokkichaa fi karaa fayyina tokkicha.

- Waaqayyo, "Yaa saba nana, isin dhuga-baatuu koo ti, garbichi ani fo'adhes isinuma, isin akka beektaniif akka amantanitti, isa kana kan godhe ana Waaqayyo akka ta'e akka hubattanitti, ana dura Waaqayyo kan biraan hin turre, ana booddees Waaqayyo kan

- biraa hin jiraatu.Ana duwwaatu Waaqayyoo dha, ana malee fayyisaan kan biraa hin jiru. (Isa. 43:10–11)
- Walitti himaa, walii wajjinis mari'adhaatii dhimma keessan dhi'eeffadhaa! Kana eenyutu beeksise? Duraan dursees eenyutu raajii dubbate? Ana Waaqayyotu kana godhe mitii ree? Ana malee Waaqayyo kan biraa hin jiru, Waaqayyo inni qajeelaanii fi inni fayyisaan ana malee hin jiru. (Isa. 45:21)
- Namoonni, 'Qajeelinnii fi jabinni Waaqayyoo duwwaa bira jira' jechaa gara koo in dhufu; warri anaan morman garuu in yeellaasifamu; (Isa. 45:24)
- Namichi amma fayyaa ta'ee isin dura dhaabatu kun, maqaa Yesus Kristos nama Naazireetiin akka fayye, isin hundumti keessan beekaa! Namoonni Israa'el hundinuus kana haa beekan. Isin Yesusin in fanniftan, in ajjeeftanis; Waaqayyo garuu warra du'an keessaa isa kaase.Fayyinnis Yesus Kristos duwwaadhaan malee, kan biraatiin tokko illee hin jiru; maqaan kan biraa, ittiin fayyuun kan nuuf ta'u, waaqa jalaa ilmaan namootaaf hin kennamne" jedhe. (HoE. 4:10,12)
- Isaan kun garuu, Yesus, Kristosicha, ilma Waaqayyoo ta'u isaa akka amantaniif, amanachuu keessaniinis maqaa isaatti jirenya akka qabaattaniif caafaman. (Yoh. 20:31)

**Yesuus, gaarummaa isaatiin, fayyisaa tokkichaa fi karaa
fayyinaa tokkicha ta'u isaa nutti himuudhaan karaa
dogoggoraa irraa akka fagaannu nu gargaara.**

- Yesus deebisee, Karichi, dhugaan, jirenyis, ana; anaan yoo ta'e malee, eenu iyuu gara abbaa hin dhufu. (Yoh. 14:6)
- Yesuus ammas Dhuguma, dhuguman isiintti hima, ana balballi hoolata! Balbalichi ana, inin anaan ol galu in fayya; ol in gala, gadis in ba'a, dheedichas in argata. (Yoh 10:7,9)
- Yesus ammas namootatti dubbatee, Ani ifa biyya lafaa ti, namni ana duukaa bu'u ifa jirenyaa in qabaata malee, dukkana keessa hin adeemu" isaaniin jedhe.(Yoh. 8:12)

- Cubbuu keessaniin akka duutan isinitti himeera; ani eenu akkan ta'e beektanii yoo amanuu dhaabaattan, cubbuu keessaniin in duutu" isaaniin jedhe.(Yoh. 8:24)

Ajaja Waaqayyootiin bofti sibiila diimaa irraa hojjetame tokko ni qophaa'e. Kun fakkeenya Yesuus cubbuu keenya fannoo irratti baachuu isaati, fayyuuf immoo gara isaa ilaaluu qabna (Isa amanachuu).

- Museen kana irratti sibiila boorrajji irraa bofa tolchee utubaatti in rarraase; namni bofni idde hundinuu, gara bofa sibiila boorrajji irraa tolfame sanaa yeroo ilaletti in fayye. (Lak. 21:9)
- Yesus deebiseefii, Ati barsiisaa Israa'el kan taate, kana hin beektuu? Museen lafa onaa keessatti bofa sibiila diimaa muka irratti akka ol fuudhe, ilmi namaas immoo akkasuma muka irratti ol fuudhamuu in ta'a, Kunis ilma namaatti kan amanu hundinuu jirenya bara baraa haa qabaatuuf ta'a. (Yoh. 3:10,14-15)
- Abbaan koo, namin ana ilmasaa argu, kan anatti amanus hundinuu, jirenya bara baraa akka qabaatu in fedha; ainsimmoo guyyaa dhumaatti du'aa isa nan kaasa. (Yoh 6:40)
- Isin warri andaara lafaa jiraattan hundinuu, gara kootti deebi'atii fayyina argadhaa! Ani Waaqayyoo dha, ana malees kan biraan hin jiru;(Isa. 45:22)
- Nuyi cubbuu jalaa duunee qajeelinaaf akka jiraannuuf, inni ofii isaatii cubbuu keenya dhagna isaatiin baatee fannootti ol ba'e; madaa'uu isaatiin isin in fayyifamtan.(1Phe. 2:24)

8. Yesuus Waan Hundumaa Nuuf Hojjeteera

Yesuus hojii fayyinaa guutuu nuuf hojjete, nuti itti dabaluuf ykn gumaachuuf wanti gochuu dandeenyu hin jiru.

- Ifni ulfina Waaqayyoo isa irraa in calaqqisa, Waaqayyoakkuma jirutti isaan in mul'ata; dubbii isaa isa humna-qabeessaanis waan uumame hundumaa in baata. Inni cubbuuttii qulleeffamuu erga

argachiisee booddee, ol gubbaa mirga isa surra-qabeessaa dhaqee in taa'e.(Ibr. 1:3)

- Utuu akkas ta'uu dhaabaatee, inni uumamuu biyya lafaatii jalqabee irra deddeebi'ee dhiphachuun isa irra in ga'a ture; amma garuu dhuma barichaatti, yeroo hundumaaf akka ta'utti al tokkicha ofii isaa aarsaa dhi'eessuu isaatiin cubbuu balleessuudhaaf mul'ateera. (Ibr. 9:26)
- Wanti Waaqayyo hoijetu hundinuu bara baraan akka jiraatu ani beeka; wanti isatti dabalamu yookiis isa irraa fuudhamu tokko illee hin jiru; Waaqayyo namni akka isa sodaatuuf wanta akkasii kana hojjete. (Lal. 3:14)
- Garuu wanta harki koo hojjetee fi wantan itti dadhabe hundumaa garagalee yommuun ilaalu, wanti kun hundinuu waa'ee hin baasu, akka nama qilleensa ari'uu tis; aduu jala wanti bu'aa qabu hin jiru. (Lal. 2:11)
- Ati hojji harka keetii in yaadda; kanaafis ana in waamta, anis nan owwaadha.(Iyo. 14:15)
- Ani garuu akka muka ejersaa, isa mana Waaqayyoo keessatti lalisaa guddatuu ti; yeroo hundumaas bara baraan gaarummaa Waaqayyoo nan amanadha. Ati kana waan gooteef, ani yeroo hundumaa galateeffachaa sin jajadha; namoota siif of kennan durattis, maqaa kee isa gaarii abdiidhaan nan waammadha.(Far. 52:8–9)
- Gargaarsi namaa homaa waa'ee waan hin baafneef, rakkina jalaa ba'uuf, ati gargaarsa nuuf kenni! Waaqayyoo wajjin, nuyi humna in godhanna, diinota keenya gad kan dhidhiitu isa.
(Far. 108:12–13)
- Yaa Waaqayyo gooftaa ko, ana gargaari, akka gaarummaa keetti ana oolchi! Kun hojji harka kee ta'uu isaa, yaa Waaqayyo, ati kana gochuu kees haa beekan! (Far. 109:26–27)
- Yaa gooftaa, ati Waaqayyo koo ti, ani sin galateeffadha, maqaa kees nan jajadha; wanta dur akeeki isaa qopheeffame, isa dinqisiisaa fi amanamaa sana, amma raawwatteetta;(Isa. 25:1)

- Namni akka seerri abboomutti hin hoijenne garuu Waaqayyo irraa fagaachuu isaa beekee, Waaqayyo isa qajeelaa nama godhutti yoo amane, amantiin isaa qajeelummaatti in lakkaa'amaaf. Namni, waan seerichi abboomu utuma hin hoijjetin Waaqayyo qajeelummaa lakkaa'uuf, gammachuu akka qabu Daawit dubbateera, (Rom. 4:5–6)

Hojiin Yesuus qofti cubbuu keenya kan darbe,kan ammaa fi kan dhufu hundumaa irraa nu oolchuuf gahaa dha.

- Yaa Waaqayyo, ati nagaa nuuf in kennita, wanta hoijenne hundumaas ati nuuf raawwatteetta. (Isa. 26:12)
- Waaqayyo isa hundumaa gararraatti Waaqayyo isa dubbii koo anaaf raawwatutti nan iyadha. (Faar.57:2)
- Waaqayyo kun, karaan isaa mudaa hin qabu, dubbiin isaa dhugaa ta'uu isaa amansiiseera; Waaqayyo warra isatti kooluu galan hundumaaf gaachana Goofticha malee Waaqayyo eenu ree? Waaqayyo keenya malees kattaa jabaan eenu ree? Waaqayyo kun, isa mudhii koo humnaan hidhachiise, isa karaan koo mudaa akka hin qabaanne godhee dha. (2Sam. 22:31-33)
- Kiristoos garuu al tokko aarsaa dhi'eesssee, bara baraan gara mirga Waaqayyoo taa'e. Al tokkicha aarsaa dhi'eessuudhaan, warri Waaqayyoof qulqulleeffaman yeroo hundumaaf akka fiixaan ba'an godheera. (Ibr. 10:12, 14)
- Kana irraa kan ka' es, inni yeroo hundumaa isaaniif kadhachuudhaaf waan jiraatuuf, warra karaa isaa gara Waaqayyootti dhi'aatan hamma dhumaatti fayyisuu in danda'a.(Ibr. 7:25)
- Amanannaan nuyi karaa Kristos Waaqayyo biraa qabnu kan akkasii ti.Nuyi ofii keenyaa wanti tokko illee nu biraa, in ba'a jennee himachuu waan dandeenyu hin qabnu; hammi danda'aa keenyaa Waaqayyo biraa in ba'a. (2Qor. 3:4–5)
- Isinis isuma warra bantii waaqaa keessatti gooftummaa qabanii fi aboo qaban hundumaaf mataa ta'e sanaan gara guutummaa jireenyaa dhuftaniittu.(Qol. 2:10)

- Dhuguma, dhuguman isinitti hima, namni amanu jirenya, bara baraa qaba.(Yoh. 6:47)

**Fayyinni guutummaatti bilisaan hojii Isaa fi gaarummaa
(qajeelummaa) Isaatiin kan argame dha.**

- Aarsaa galataa haa dhi'eessan, ililleedhaanis gocha isaa hundumaa haa himan!(Far.107:22)
- Waa'ee koof yoo ta'e garuu, Waaqayyotti dhi'aachuun anaaf gaarii dha; yaa Waaqayyo gooftaa, hojii kee hundumaa himuudhaaf, ani da'oo si godhadheera.(Far. 73:28)
- Kottaa, wanta Waaqayyo godhe ilaala! Inni hojii isaa isa namoota irratti mul'atuun in sodaatama.(Faar. 66:5)
- Ati yaa gooftaa, gocha keetiin na gammachiifteetta, hojii harka keetti gammadee nan faarfadha! (Faar. 92:4)
- Namoonni baay'een, "Nuyi amanamoo dha" ofiin jedhu, garuu nama amanamaa eenyutu argachuu danda'a? (Fak. 20:6)
- Yaa Waaqayyo, ani kooluu sitti galeera, ati na eegi! Ani Waaqayyoon, "Ati gooftaa koo ti, ati anaaf wanta gaarii hundumaa dha" nan jedha. (Faar. 16:1–2)
- Gaafas Waaqayyo gooftaan isaanii akka tiksituun horii isaa waan hamaa oolchuutti saba isaa in oolcha; isaan immoo akka dhagaa gati-jabeessaa isa gonfootti kaa'amee biyya isaa keessatti in calaqqisu.Simboon isaanii fi miidhagummaan isaanii attam guddaa dha! Midhaan dargaggootaaf, daadhiin waynii inni haaraanis durbootaaf humna in kenna. (Zak. 9:16–17)
- Wanti gaariin inni ati warra si sodaataniif keesse, gaarummaan inni ati ilmaan namootaa duratti warra kooluu sitti galanitti argisiifte, attam baay'ee dha! (Faar. 31:19)
- Waaqayyo gaarii waan ta'eef, isaaf galata galchaa! Gaarummaan isaa bara baraan in jiraata! (Faar. 136:1)
- Ani warra luboota cooma nan nyaachisa, saba koos gaarummaa kootiin nan quufsa" jedhe. (Er. 31:14)

- Yesus utuu hin adeemin, namichi inni hafuuronni hamoonni keessaa ba'an, "Sii wajjinan adeema" jedhee isa kadhatee ture; Yesus garuu, of biraatisa 'deebisee, Mana keetti deebi'i waan Waaqayyo siif goohes himi!" ittiin jedhe; Namichi yommus Yesus biraatisa deebi'ee, guutummaa mandarichaa keessa naanna'ee waan inni godheef dhugaa ba'e. (Luq. 8:38–39)

**Qajeelummaa mataa keenyaa hin qabnu, garuu
qajeelummaa Waaqayyoof yoo bitamne qajeelummaa
qabaachuu dandeenyaa.**

- Kiristoos immoo gara Waaqayyootti isin fiduudhaaf jedhee, yeroo hundumaaf akka ta'utti al tokkicha, cubbuu namoota baay'etiiif dhiphateera; inni qajeelaan foon uffatee, qooda warra jal'oottaa ajeefame, hafuuraan jiraachifameera. (1Phe. 3:18)
- Qajeelummaa isa Waaqayyo kennu wallaanii, qajeelummaa mataa isaanii dhaabbachuu yaalaniiru; qajeelummaa isa Waaqayyo namaaf kennu jalas of hin galchine. Kristos nama amanu hundumaa gara qajeelummaatti geessuudhaan seericha iddoodhaan in ga'a. (Rom. 10:3–4)
- Duraan dursitanii yaada keessan mootummaa Waaqayyoo fi qajeelummaa isaa barbaaduutti hidhaa! Kana malees kan barbaachisu hundinuu immoo isiniif in kennama. (Maat. 6:33)
- Waaqayyo, "Kunoo, barri ani itti sanyii Daawit keessaa mootii qajeelummaadhaan hoijetu kaasu in dhufa; inni mootii ogummaadhaan mo'uu fi mootii lafa irratti firdii qajeelaa fi qajeelummaa eegu in ta'a. Bara isaa keessa Yihudaan in fayya, Israa'elis bir'aa malee in jiraata; maqaan isaa, 'Waaqayyo qajeelummaa keenya' in jedhama. (Er. 23:5–6)
- Yommus sabni Israa'elii fi sabni Yihudaan, "Waaqayyo dhugaa waan nuuf baaseef, kottaa gara Xiyoontti ol baanee, wanta Waaqayyo keenya godhe in himnaa!" in jedhu. (Er. 51:10)
- Afaan koo qajeelummaa kee in dubbata, lakkooobsa gochaa kee yoon hubachuu dhabaadhe iyyuu, fayyisuu kee guyyaa guutuu nan hima. Yaa Waaqayyo gooftaa, hojii aangoo kee ol

fuudhuudhaaf nan dhufa; qajeelummaa isa kan keetii duwwaas jajuudhaan nan yaadadha. (Faar. 71:15–16)

Fayyinni kennaa bilisaa, guutummaatti ayyaanaa fi araara Waaqayyoo irraa kan argame yoo ta'u, yoo fudhanne of jajuu tokko malee fudhanna.

- Irra-daddarbaa nama tokkootiin, sababii nama tokkicha sanaaf duuni erga mo'ee, warri qajeelummaa argatan immoo Yesus Kristos namicha tokkicha sanaan hammam guddaa caalchisanii jireenyatti haa mo'an ree! Isaan ayyaana Waaqayyoo fi kennaa tolaa hamma isaan irraa hafutti fudhataniiru. (Rom. 5:17)
- Kennaa isaa isa hammas hin jedhamneef, Waaqayyoof galanni haa ta'u! (2Qor. 9:15)
- Isin ayyaana Waaqayyootiin karaa amantii fayyifamtan; inni immoo kennaa Waaqayyoo ti malee, gochaa ofii keessanii miti;hojidhaanis miti, namni tokko illee akka ittiin of hin janyetti. (Efe. 2:8–9)
- Museen immoo saba sanaan, "Warra Gibxii warra har'a argitan kana deebitanii akka kanatti lammaffaa waan hin argineef, hin sodaatinaa, jabaadhaa dhaabadhaatii har'a gocha Waaqayyo isin fayyisuudhaaf raawwatu ilaala! Amma Waaqayyo isiniif in lola, isin gabii argadhaa!" jedhe. (Ba'uu. 14:13–14)
- Akka badhaadhummaa ayyaana isaattis Kristos dhiiga isaa nuuf dhangalaasuu isaatiin furamuu, dhiifamuu cubbuus qabna. (Efe. 1:7)
- Fo'amuun isaanii ayyaanaan erga ta'ee immoo, hojii isaaniitiin ta'uu hin danda'u; kanaa achi ayyaanni ayyaana ta'ee jiraachuu hin danda'u! (Rom. 11:6)
- Waaqayyo hojii nuyi qajeelummaadhaan hojjenneef utuu hin ta'in, akka araara isaatiitti dhiqannaa lammaffaa dhalachuutiin, haaressuu hafuura qulqulluutiinis nu fayyise. (Tit. 3:5)

**Yakkamtoota Yesuus cinatti fannifaman keessaa tokko
kanaan dura isa arrabsaa ture, garuu ayyaana
Waaqayyootiin du'uu isaa yeroo muraasa dura garaan isaa
jijiirame, Yesuus isaa wajjin Jannata keessa akkan ta'u
dubbachuudhaan akka fayye agarsiise.**

- Yommus saamtonni lama isaa wajjin, inni tokko mirga isaatti, inni kaan immoo bitaa isaatti fannifaman. Warri saamtonni isaa wajjin fannifaman iyyuu akkasuma isa in arrabsu turan. (Maat. 27:38,44)
- Warra hamaa hoijetanii achitti fannifaman lamaan keessaa inni tokko, "Ati Kiristoos isa abdachiifame mitimoo? Egaa of oolchi, nuunis oolchi!" jedhee Isa arrabse. Inni kaan garuu isa ifatee, "Namana, akkuma isaa murtii du'aan dhiphachaa utuu jirtuu Waaqayyoonillee hinsodaattumoo? Nuyi qajeeltootti nutti murtaa'ee hojii keenyan nyaanne; inni kun garuu homaa hinyakkine!" jedheen. Yesuusiinimmoo, "Yaa Yesuus, mootummaa keetiin yommuu dhuftu nayaadadhu!" jedhe. Yesuusimmoo, "Dhuguman sitti hima, har'a anaa wajjin jannata keessatti ni argamta" jedheen (Luq 23:39–43)

**Wanta fannoo irratti dubbateen, Yesuus akka jaalala isaatti
hojii furuu guutummaatti nuuf xumuruu isaa agarsiiseera.**

- Yesus daadhii dhangagga'aan sana erga afaaaniin qabee booddee, "Fiixaan ba'eera" jedhe; mataa isaa jal'isee hafuura isaa kenne.(Yoh. 19:30)
- Kiristoos immoo nuuf jedhee abaaramaa ta'uudhaan, abaarsa isa seerichi nutti fidu jalaa nu fureera; akkuma caafame, "Namni mukatti rarraafame abaaramaa dha" in jedha.(Gal. 3:13)
- Yaa gooftaa! Ati dhimma koo anaaf ilaaltee, jirenya koos in furte.(Faaruu. 3:58)

Du'aa ka'uun Yesuus jirenya cubbuu hin qabne akka inni jiraatee fi bakka keenya bu'ee firdii cubbuu keenyaa kan baadhate ta'uu isaa agarsiisa.

- Yesus irra-daddarbaa keenyaaf du'atti dabarfamee kennname; qajeelummaa akka argannuufis du'aa kaafame.(Rom. 4:25)
- Kristos du'aa hin kaafamne erga ta'ee, amantiin keessan immoo waa'ee hin baasu, cubbuun keessan ammuma iyyuu isin irra jira.Amma garuu Kristos warra du'an keessaa kaafameera, warra obbaafatan keessaas isatu jalqaba ka'e. (1Qor. 15:17,20)
- Waaqayyo abbaa gooftaa keenya Yesus Kristosiif galanni haa ta'u! Inni araara isaa isa guddaadhaan, Yesus Kristos warra du'an keessaa ka'uu isaatiin, abdii isa jiraataa kanatti qabamnee akka jiraannuuf haaraa godhee nu dhalachiiseera.(1Phe. 1:3)
- Yesus garuu, "Du'aa ka'uun, jirenyis ana; namni anatti amanu yoo du'e iyyuu in jiraata. (Yoh. 11:25)

9. Yesuusitti amanuun salphaa ta'uu isaa

Fayyisuun Waaqayyoo oduu gammachiisaa Yesuusitti amanuu fi amanamuu qofaan argamuu dha.

- Akkuma bofni haxxummaadhaan Hewwaanin gowwoomsite, yaadni keessanis immoo karaa irraa kaatee, Kristos isa garaa qulqulluudhaan of kennitaniif sana irraa gara galtu jedhee sodaadheera.(2Qor. 11:3)
- Isaan immoo, "Egaa hojii Waaqayyoof akka dhamaanuuf maal gochuutu nuuf ta'a?" jedhanii isa gaafatan.Yesus deebisee, "Isa inni ergetti amanuu keessaniin hojii Waaqayyoo in hojjettu" jedheen. (Yoh. 6:28–29)
- Raajonni hundinuu, namni isatti amanu hundinuu maqaa isaatiin dhiifamuu cubbuu akka argatu, isaaf dhugaa ba'aniiru" jedhe.(HoE. 10:43)
- Namni tokko illee akka barsiisa Kristositti utuu hin ta'in, yaada mataa isaa keessaa ba'ee fi gowwoomsaa waan tokko of keessaa

hin qabneen isin hin harkisin; akka barsiisa amala namaatti akka
isa hafuurota bantii waqaqa keessaa biyya lafaa kana irratti
humna qabu jedhamanii sodaatamaniitti isin hin booji'in; kana
hundumaattiis of eeggadhaa!(Qol. 2:8)

- Utuma ta'uuyuu namni tokko illee Yesus Kristositti
amanuudhaan malee, wanta seerri isa irraa barbaadu
gochuudhaan Waaqayyoon duratti qajeelaa ta'ee akka hin
lakkaa'amne in beekna. Nuyi wanta seerri nama irraa barbaadu
hojjechuudhaan utuu hin ta'in, Kristositti amanuudhaan qajeelota
taanee akka lakkaa'amnuuf, Kristos Yesusitti amanneerra; wanta
seerri nama irraa barbaadu gochuudhaan namni tokko illee
qajeelaa ta'ee hin lakkaa'amu.(Gal. 2:16)
- Guutummaan biyya lafaa Waaqayyoon faarfadhaa,fayyisuu isaas
guyyuma guyyaatti himaa! (1Seen.16:23)

**Tokko tokko fayyina argachuuf wantoota hojjetamuu qaban
itti dabaluudhaan salphaa ta'uu misiraachicha jallisuuf
yaalu.**

- Dubbiin Waaqayyoo hundinuu dhugaa ta'uun isaa amansiiseera,
inni warra isatti kooluu galan hundumaaf gaachana.Inni akka si
hin ifannetti, akka si hin sobsiifnettis, dubbii isatti waa hin
dabalin! jedhe. (Fak. 30:5–6)
- “Akka isin sobdaniif warri akkas isin sodaachisanii, isin naasisan
kun eenyufa'i? Isin ana in irraanfattan, waa'ee koos yaadatti hin
qabanne; sababii ani yeroo dheeraadhaaf calluma jedheef ana
sodaachuu dhiiftanii? Ani hojji keessan isa isin qajeelummaatti
lakkaa'attan nan mul'isa; isaan si'achi homaa waa'ee isiniif hin
baasan.Yommuu isin gargaarsaaf iyyattan Waaqayyooliin
keessan warri baay'een mee isin haa oolchan kaa!Hunduma
isaanii qilleensi afuufee in fageessa, isaan inballeessas;namni ana
amanatu garuu lafa in dhaala,tulluu koo isa qulqulla'a'aa
qabeenya isaa in godhata” jedhe. (Isa. 57:11–13)
- Kanaafis Waaqayyo, "Akka qilleensi lafa duwwaadhaa dhufu
habaqii afuufurtti, ani isin nan bittimsa.Yaa Yerusaalem, ati

immoo ana dhiiftee waaqayyolii sobaa waan amanatteef, kun qooda kee isa ani siif muree dha. Ani ofuma kootii uffata kee mataa keetti ol garagalchee, akka ati yeellaatu nan godha. (Er 13:24–26)

- Isa karaa ayyaana Kristos isin waame irraa garagaltanii, akkas ariifattanii gara wangeela kan biraatti goruu keessaniif nan dinqifadha. Wangeelli biraa illee hin jiru; garuu namoonni isin wallaalchisanii, wangeela Kristos garagalchuudhaaf barbaadan tokko jiru. Haa ta'u iyyuu malee, ani yookiis ergamaan waaqa irraa tokko, wangeela isa nuyi kanaan dura isinitti himnettii kan gargar ba'e yoo isinitti himnettii, abaaramaa haa 'ta'u! (Gal. 1:6–8)

Cubbuun waaqa tolfamaa waaqeffachuus hojii Waaqayyoo (Uumaa) caalaa hojii keenyaaf gatii kennuudhaan of (uumama) waaqeffachuu dabalata.

- Biyyi isaanii waaqayyolii tolfamoodhaan guutuu dha; isaan hojii harka isaaniitti in sagadu, isa quba isaaniitiin tolchanis in waaqeffatu.(Isa. 2:8)
- Sabni koo ana dhiisanii waaqayyolii biraatiifixaana aarsanii, wanta harka isaaniitiin hojjetanittis waan sagaddaniif, hojii isaanii isa hamaa hundumaaf ani isaanitti nan farada" jedhee dubbateera. (Er. 1:16)
- Isaan dhugaa waa'ee Waaqayyoo sobatti diddiiraniiru; Waaqayyoon isa hundumaa uume dhiisanii, uumamaaf sagadanii, hojjetaniif. Waaqayyo garuu bara baraan galateeffamaa dha! Ameen. (Rom. 1:25)
- Namni firdii qajeelaadhaan adeemu, namni dhugaadhaan faradus tokko illee hin jiru; isin dubbii waa'ee hin baafne in amanattu, sobas in dubbattu; hammina garaa keessa in kaa'attu, jal'inas garaa keessan keessaa in baaftu.(Isa. 59:4)
- Yeroo lubbuun koo na keessatti gaggabdetti, yaa Waaqayyo ko, ani sin yaadadhe; kadhanni koos mana kee isa qulqullaa'aa keessatti gara kee anaaf in dhufe. Warri waaqayyolii tolfaman

warra waa'ee hin baafneef safuu buufatan, Waaqayyoon isa gaarummaa isaanitti argisiisu in dhiisu. (Yon. 2:8–9)

Gumaacha gochuu dandeenyaa jennee yaaduudhaan “of jajuu” hin qabnu, garuu foon keenya irratti amantaa qabnu hunda addaan kutuudhaan “dhaqna qabamuu” qabna.

- Wanta namummaa namaa irratti alaan mul'atu argisiisuu warri barbaadan akka isin dhagna qabamtaniif isin in giddisiisu; isaan fannoo Kristosiif akka hin ari'atamne duwwaadhaaf kana in godhu.Warri seera dhagna-qabaa duukaa bu'an iyyuu seera hin eegan; haa ta'u iyyuu malee, isaan waan namummaa keessan irratti mul'atu kanaan of jajuu duwwaadhaaf dhagna qabachuu keessan barbaadu.Ani garuu fannoo gooftaa keenya Yesus Kristos isa ittiin biyyi lafaa ana irraa fannifame, anis biyya lafaa jalaa fannifame sanaan malee, waan biraatiin of jajuun matumaa anaaf hin ta'u.Uumama haaraa ta 'uutu lakkaa'ama malee, dhagna qabachuun yookiis dhagna utuu bin qabatin hafuun waan tokkotti hin lakkaa'amu. (Gal. 6:12–15)
- Kanaafis namni kan Kiristoos yoo ta'e, uumama haaraa dha; inni moofaan darbe, kunoo, inni haaraan dhufeera.(2Qor. 5:17)
- Nuyi garuu dhagna-qabaa isa dhugaa arganneerra; isa kan foonii amanachuu dhiifnee, Kristos Yesusiin of in jajna, hafuuraanis Waaqayyoof in hojjenna.(Filp. 3:3)
- Kanaafis isin yaada garaa keessanii isa haguugame qulleeffadhaa, si'achis deebitanii boqu-jabeeyyii hin ta'inaa!(Kes. 10:16)

Waaqayyo farda yaabbachuu akka fakkeenyaa foon ofii irratti amantaa kaa'utti fayyadama, akkasumas bu'aa kana gochuu keenyaa nu akeekkachiisa.

- Warra Gibxi biraaj gargaarsa argachuudhaaf achitti gad bu'aniif, warra fardeenitti irkataniif, warra baay'ina konkolaataa fi abboota fardeenii warra jajjaboo amanataniif, warra gara isa qulqulluu kan Israa'el hin ilaalleef, warra gargaarsaaf Waaqayyoon hin

gaafanneefis wayyoo!warri Gibxii namoota malee Waaqayyo miti, fardeen isaaniis foon malee hafuura miti; Waaqayyo harka isaa yommuu ol fudhatu, warri isaan gargaaran hundinuu in gufatu, warri gargaaraman immoo in kufu, lachanuun isaanii walii wajjin in badu. (Isa. 31:1,3)

- Hafuurri in jiraachisa, foon homaa dhimma hin baasu; dubbiin ani isinitti dubbadhe kun hafuura, jirenyas.(Yoh. 6:63)
- Yommus ergamichi, ergaa isa Waaqayyo biraa dhufee Zarubaabelitti akka ani dubbadhuuf anatti in hime; ergichis, "Hafuura kootiin malee humnaan miti, aangoodhaanis miti" kan jedhu ture; kana Waaqayyo gooftaa maccaatu dubbate.(Zak. 4:6)
- Fardi mo'ichaaf nama in gargaara" jechuun gowwummaa dha, humna isaa isa jabaadhaanis nama hin oolchu.Kunoo, iji Waaqayyoo warra isa safeeffatan, warra gaarummaa isaa abdiidhaan eeggatanis in to'ata.Inni lubbuu isaanii du'a in oolcha, beela keessattis jirenyatti isaan in eega. (Faar. 33:17–19)
- Sabni Yerusaalem kun maaliif raawwatee dugda anatti gate? Maaliif karaa sobaatti jabaate? Maaliifis deebi'uu dide?Ani isaan caqasee argeera, namni wanta hamaa waan hojjeteef gaddee, 'Ani maalan balleesse laata?' jedhee yaadu hin jiru; akkuma fardi gara lollaatti fiigu, akkasuma hundumti isaanii karuma yaada isaanii irra in fiigu. (Er. 8:5–6)
- Inni jabina fardaatti hin gammadu, miillaan fiiguun namaas isatti hin tolu.Warri Waaqayyoon sodaatanii gaarummaa isaa abdiidhaan eeggatan garuu isatti in tolu. (Faar. 147:10–11)
- Yakka keessaniin gufattanii waan kuftanii, gara Waaqayyo gooftaa keessaniitti deebi'aa, yaa warra Israa'el!Wanta jechuuf jettan kana fudhadhaatii, gara Waaqayyootti deebi'aa! "Yakka keenya guutummaatti nu irraa fuudhi, gaariitti nu simadhu! Galata afaan keenyaas akka qalma jibootaatti aarsaa siif in dhi'eessina.Asor nu oolchuu hin danda'u, lolaa fi farda hin fe'annu; deebinees wanta harki keenya tolcheen 'Waaqayyolii keenya' hin jennu; ati isa ijoolleen abbaan irra hin jirre biraa oo'a argatuu dha" ittiin jedhaa! (Hos. 14:1–3)

- Yommus Museen, Israa'eloonnis, Waaqayyoon jajatanii in faarfatan; "Waaqayyo mo'uu isaatiin guddaa ol jedhaa dha! Kanaaf ani isa nan faarfadha; inni fardeen, abboota fardeeniiis galaana keessa buuseera.Waaqayyo humna koo isa ani faarfadhuu dha, inni fayyina koo anaaf ta'eera; inni Waaqayyo koo ti, ani isa nan jajadha; Waaqayyo isa kan abbaa kootii ti, ani isa ol ol nan qaba. (Ba'uu. 15:1–2)
- Kaan konkolaataadhaan, kaan immoo fardeeniin of jaju; nuyi garuu maqaa Waaqayyoo gooftaa keenyaan of in jajanna.(Faar. 20:7)

**Waaqayyo waan nu uumee fi waan nu jaallatuuf gatii qabna,
Waaqayyo garuu of tuulummaa fi ofitti ofittummaa ni jibba.
Amantaan keenya Waaqayyo irratti ta'uu qaba.**

- Waaqayyoon sodaachuun wanta hamaa jibbuu dha, ani of bokosuu fi of gurguddisuu, karaa hamaadhaaf arraba dubpii micciiru nan jibba.(Fak. 8:13)
- Yaadni hamaan hundinuu keessa yaada garaa namootaatii in ba'a; isaan immoo, halalummaa, hanna, nama ajjeechaa,ejjummaa, sassata, hammina, haxxummaa, gad dhiisa, weennoo, nama salphisuu, of-tuulummaa, dagattummaa.Wanti hamaan kun hundinuu keessa yaada garaa namaatii ba'anii xuraa'aa nama in godhu" jedhe. (Mar 7:21–23)
- Of gurguddisuun, gad deebii namatti fida, kan gad of deebisu garuu, ulfina in argata. (Fak. 29:23)
- Of gurguddisuun badiisatti, of bokosuunis kufaatiitti nama in geessa.(Fak. 16:18)
- Karaan qajeelaa namatti fakkaatu jira, dhunni isaa garuu karaa du'aa ti.(Fak. 14:12)
- Kunoo, namni afuufamu nama yaada qajeelaa miti, namni qajeelaan garuu amantii isaatiin in jiraata.(An. 2:4)
- Yaa Waaqayyo ati nu oolchita, hojii isa guddaa sodaachisaadhaan qajeelummaadhaan deebii nuuf kennita;

andaara lafaa hundumaaf galaanota fagoo jiraniifis ati
amanannaasisaanii ti. (Far. 65:5)

**Fakkeenyi Yesuus waa'ee namoota lamaa barsiise, inni tokko
waan hojjete ilaalu, tokko immoo gara araara Waaqayyoo
ilaalu kunooti.**

- Yesus namoota warra ofii qajeelummaatti jiraanna jedhanii, amanatanii, warra kaan hundumaa immoo tuffatanitti, fakkeenya kana dubbate."Jarreen lama kadhachuudhaaf mana qulqullummaatti ol galan; isaan fariisicha tokkoo fi amicha qaraxa fuudhu tokko turan.Fariisichi fuula dura dhaabatee garaa isaa keessatti, 'Yaa Waaqayyo, akka namoota warra kaanii, warra saamtuu, jal'oota, ejjitoota yookiis akka qaraxxuu kanaa iyyuu waanan hin ta'iniif sin galateefadha.Torban keessaa guyyaa lama nan sooma; waanan argadhu hundumaa keessaas kudhan keessaa tokko nan baasa' jedhee kadhate.Inni qaraxa fuudhu sun garuu; achi fagaatee dhaabatee, ija isaan illee gara waaqaatti ol hin ilaalle; qoma isaa rukutachaa, 'Yaa Waaqayyo, ana nama cubbamaatti araarami! in jedhee ture malee.Egaa isa Farisicha sana irra namichi qaraxa fuudhu kun Waaqayyo duratti qajeelaa ta'ee, gara mana isaatti akka deebi'e, isinittan hima; kan ol of qabu hundinuu gad in deebifama, kan gad of deebisu immoo ol in qabama" jedhe. (Luq 18:9–14)

**Dhuma irratti hojji keenya isa hamaa irraa deebinee, hojji
Yesuus isa xumurametti amanuudhaan fedha Abbaa
raawwachuu qabna.**

- Yesus, "Jaalala abbaa koo isa waaqa irraa nama hojjetutu mootummaa waaqaatti gala malee, namni, 'Yaa gooftaa, yaa gooftaa' naan jechuu duwwaadhaan itti gala miti.Guyyaa isa dhumaanattinamoonni baay'een, 'Yaa gooftaa, yaagooftaa, nuyi maqaa keetiin raajii dubbanneerra, maqaa keetiin hafuurota hamoota baafneerra, hojji aangoos maqaa keetiin baay'ee hojjenneerra mitii?' anaan jedhu.Ani immoo yeroo sanatti,

'Matumaa ani isin hin beeku, isin yaa warra hamaa hojjettanii, ija koo duraa badaa!' jedheen mul'inatti isaanitti hima" jedhe. (Maat. 7:21–23)

10. Jannataa fi Si'ool

Si'ool (Hadees ammaa, booda haroo ibiddaa) bakka seexanaa fi warra karaa Waaqayyoo didan hundi itti galani dha.

- Of qabaa, dammaqaas! Seexanni hamajaajiin keessan akka leenci yeroo beela'utti aadaa naanna'utti, nama liqimsuu barbaadee in naanna'a.(1Phe. 5:8)
- Seexanni inni isaan gowwoomses kuufama ibiddaa fi dhagaa boba'u, lafa bineensichii fi raajiin sobduun sun jiranitti gad in darbatame; isaan baraa hamma bara baraatti halkanii fi guyaa dhiphifamuuf jiru.(Mul. 20:10)
- Gaaf tokko namichi deegaan sun du'ee, ergamoota Waaqayyootiin gara bukkee Abrahaamitti geeffame; sooreessichis immoo du'ee awwaalames.Qilillee keessaas dhiphachaa utuma jiruu ol ilaalee, Abrahaamin fagootti, Alaazaarinis bukkee isaatti arge.Achumaanis, 'Yaa abbaa ko Abrahaam, naa oo'i; fiixee quba isaa bishaan cuuphee, arraba koo anaaf haa qabbaneessuufis Alaazaarin as anaaf ergi. Anoo ibidda kana keessatti dhiphachaan jira' jedhee waammate. (Luq. 16:22–24)
- Aarri ibidda isaan dhiphisuu immoo baruma baraan ol in ba'a; warra bineensichaaf bifaa fakkeenyisaatiifis sagadaniif, nama gubaa maqaa isaa argisiisu fudhatuufis, halkan, guyyaas aara galfachuun hin jiru" jedhe.(Mul. 14:11)

Garuu fayyisuu Waaqayyoo yoo arganne ni fayyina, samii (lafa haaraa) irrattis isa waliin nagaa fi gammachuu bara baraan ni jiraanna.

- Yaa Waaqayyo, ani kooluu sitti galeera, ati yoom iyuu akka ani hin yeellaasifamne godhi!Ati qajeelummaa keetiin kana jalaa na

baasi, na oolchis! Gurra kee gara kootti qabi, na gargaaris!
(Faar. 71:1–2)

- Raawwatees du'a in balleessa, Waaqayyo gooftaan imimmaan ija nama hundumaattii in haqa; guutummaa biyya lafaa irratti arrabsamuu saba isaa irra ture irraa in fageessa; Waaqayyo kana dubbateera.(Isa. 25:8)
- Inni imimmaan hundumaa ija isaaniittii in haqa; wanti duraa waan darbeef, egaa duuni deebi'ee hin argamu, gadduun, iyyuun, waraansis si'achi hin jiru!" jedhe.(Mul. 21:4)
- Halkanis deebi'ee hin argamu;Waaqayyo gooftaan ifa isaanii ta'uuf waan jiruuf, ifni ibsaa, ifni aduus isaaniif hin barbaachisu, isaan baraa hamma bara baraatti mo'uuf jiru.(Mul. 22:5)
- Waaqayyo, "Kunoo, ani bantiiwan waaqaa haaraa fi lafa haaraa nan uuma; wanti dur ta'e hin yaadatamu, inni darbes yaada namaa keessa hin dhufu.Kunoo, ani Yerusaalemin mandara nama gammachiiftu, saba ishees warra gammadan waanan godhuuf, isin wanta ani uumutti bara baraan gammadaa, ililchaas! (Isaiah 65:17–18)
- Godoon koos isaan bira in ta'a, ani Waaqayyo isaanii nan ta'aaf, isaanis saba koo in ta'u (His. 37:27)
- Kana booddees, ani bantii waaqaa haaraadhaa fi lafa haaraa nan arge; bantiin waaqaa inni duraa, lafti inni duraas darbaniiru, galaannis deebi'ee hin argamu.Yommus ani sagalee guddaa tokko nan dhaga'e; innis teessoo sana biraa, "Kunoo, iddoon Waaqayyo buufatu namoota gidduu dha, inni isaan bira buufachuuf jira, isaanis saba isaa ta'uuf jiru; Waaqayyo ofii isaa isaanii wajjin jiraachuuf jira, Waaqayyo isaaniis ta'uuf jira.(Mul. 21:1,3)
- Nuyi garuu akka abdii inni nuuf kenneetti, bantiiwan waaqaa haaraa, lafa haaraas warra qajeelummaan keessa buufatu in eegganna.(2Phe. 3:13)
- Jaalala obbolummaatiin wal dhudhungachuudhaan nagaa wal gaafadhaa! Nagaan isin warra kan Kristos taatan hundumaaf haa ta'u!(1Phe. 5:14)

- Gooftaan nagaa ofii isaatii yeroo hundumaa, karaa hundumaan, nagaa isiniif haa kennu! Gooftaan hunduma keessanii wajjin haa ta'u!(2Tas. 3:16)

11. Aarsaa fi Seera

Waaqayyo aarsaa hin barbaadu. Aarsaan sun hamma cubbuu fi barbaachisummaa Fayyisaa dhufu yaadachiisuu ta'uu qaba ture.

- Ati, qalmaa fi kennaa,midhaaniitti hin gammanne, qalma gubamuu fi aarsaa cubbuus, ati hin barbaanne; anaaf garuu gurra banamaa in kennite.(Far. 40:6)
- Waaqayyo, " 'Baay'inni qalma aarsaa keessan isa gubamuu maal anaaf godha? Ani aarsaa korbeessa hoolaa fi moora horii coccoomoo quufeera, akkasumas immoo dhiiga tuntunoo, dhiiga ilmoo hoolaa fi dhiiga ilmoo reettiitti ani hin gammadu.Kennaa waa'ee hin baafne deebitanii hin fidinaa! Ani aarsaa ixaana keessanii ciingga'eera, baatii haaraa, Sanbataa fi walga'ii keessan, jal'inaaf walitti qabamuu keessanis ani obsuu hin danda'u. (Isaiah 1:11,13)
- Ani jaalala nan barbaada malee, aarsaa miti; aarsaa gubamu caalaa immoo ana Waaqayyoon beekuu keessan nan barbaada.(Hos. 6:6)
- Waaqayyo, biyya lafaa, kan isa keessa jirus hundumaa kan uume, gooftaa waqaatii fi lafaa ti; inni galma harki namaa ijaretti hin galu.Ofii isaatii sanyii namaa hundumaaf, jireenyaa fi qilleensa, kan isa barbaachisu hundumaas in kenna; kanaaf harki namaa kan isaaf hojjechuu danda'u, wanti isaaf barbaachisus hin jiru. (HoE. 17:24–25)

Aarsaa mudaa hin qabneef ulaagaan barbaachisu Fayyisaa cubbuu hin qabne Yesuus Kiristoos, aarsaa fudhatama qabu tokkicha akka nu barbaachisu agarsiisuu ture.

- Wanti mudaa qabu garuu isiniif waan hin fudhatamneef, mudaa kan qabu tokko illee hin dhi'eessinaa! Namni tokko wareega isaa baasuuf yookiis aarsaa jaalala isatiin dhi'eessuuf sa'a keessaa, hoolaa keessaa, reettii keessaas yommuu fidu, aarsaan isaa akka isaaf fudhatamutti mudaa kan hin qabne haa ta'u! Mudaan tokko illee irratti hin argamin! (Lew. 22:20–21)
- Xobbaallaan kun korbeessa waggaan tokkoo isa mudaa hin qabne haa ta'u! Isa, hoolaa yookiis reettii keessaas in fudhattu.(Ba'uu. 12:5)
- Akka jirenya keessanii isa abboota keessan irraa isinitti darbee, isa waa'ee hin baafne sana jalaa, wanta badu waan akka meetii yookiis warqeetiin akka hin furamin, isin iyyuu in beektu. Garuu Kristos dhiiga isaa isa gati-jabeessaan, isin fureera; inni akka hoolaa mudaa yookiis xurii hin qabnee ti. (1Phe. 1:18–19)
- Borumtaa Yohannis utuu Yesus gara isaa dhufuu argee, "Ilaa hoolicha Waaqayyoo, isa cubbuu biyya lafaa irraa fuudhu.(Yoh. 1:29)
- Kristos cubbuu balleessuudhaaf akka mul'ate in beektu; inni garuu cubbuu hin qabu. (1Yoh. 3:5)
- Cubbuutu irraa dhabame malee, angafa lubootaa isa karaa hundumaan akka keenya qorame qabna; isa dadhabbiin keenya garaa isaa hin rukunne garuu hin qabnu. Yeroo barbaachisetti akka nu gargaaraniif araara isaa fudhachuudhaaf, ayyaanaa isaas argachuudhaaf, kottaa ija-jabinaan gara teessoo Waaqayyoo isa ayyaanaan guututti in dhi'aanna. (Ibr. 4:15–16)

Waaqayyo aarsaa (hojii gaarii jennee yaadne) caalaa, qalbiididdiirrannaa (cubbuu keenya beekuu fi Yesuusitti amanamuu) hawwa.

- Ani maal fudhadhee Waaqayyo duratti dhi'aadhu? Waaqayyo isa ol gararraa jiru durattis attamitti gugguufu? Qalma gubamuu fi jabboota waggaan tokkoo fudhadhee fuula isaa duratti dhi'aadhuu ree? Gooftichi korbeeeyyi hoolaa kumatti, dhadhaa ejersaa akkuma bishaaniitti lagoota kuma kudhan keessa yaa'utti in gammadaa ree? Irra-daddarbaa koo fi ilma koo isa angafa, lubbuu koo oolfachuudhaafis dhala koo aarsaa cubbuu godhee dhi'eessuu ree? Inni wanta gaarii ta'e sitti himeera. Yaa namaa! Wanta qajelaa ta'ee fudhatame hojjechuu, gaarummaa jaallachuu, gad of deebiftees Waaqayyo kee wajjin deddeebi'u malee, gooftichi maal si irraa barbaada ree? (Mik. 6:6-8)
- Qalmi sitti hin tolu, aarsaa dhi'eessuu koottis ati hin gammaddu; hafuurri yaada cabaa aarsaa Waaqayyo biratti fudhatamuu dha, yaa Waaqayyo, ati garaa cabaadhaafi bullaa'aa hin tuffattu! (Faar. 51:16-17)
- Aarsaa isa qajelaa dhi'eessaa! Waaqayyotti amanattaniis isatti dhiisa! (Faar. 4:5)
- Kanaafis kottaa dubbii waa'ee Kristos isa gara jalqabaa dubbachuu dhiifnee, gara barsiisa isa warra ga'aniif kennamuutti in darbina. Nuyi waa'ee hojii gara du'aatti geessu irraa yaada garaa geddarachuu, waa'ee Waaqayyotti amanuus deebinee hundee barsiisichaa kaa'uuf miti. (Ibr. 6:1)
- Yaada garaa geddaratanii gara Waaqayyootti akka deebi'an gooftaa keenya Yesusittis akka amanan Yihudootaa fi Giriikotatti dhugaa ba'eera. (HoE. 20:21)

Seerri kakuu moofaa akka mala fayyinaatti kan kenname osoo hin taane, barbaachisummaa fayyisaa akka hubannuuf nu gargaaruuf kan kennamedha.

- Abboommiin kun ibsaa dha, barsiifni kunis ifa, ifanni adabaa karaa jireenyaa ti. (Fak. 6:23)

- Ammas seerri waanuma jedhu, warra seera jala jiranitti akka dubbatu nuyi in beekna; kanas nama hundumaa afaan qabachiisuudhaaf, guutummaa biyya lafaas firdii Waaqayyoo jala galchuudhaaf in dubbata. Egaa nama kan ta'e tokko illee wanta seerri nama irraa barbaadu gochuudhaan Waaqayyo duratti qajeelaa hin ta'u. Seerri cubbuun maal akka ta'e nama hubachiisa. (Rom.3:19-20)
- Yommus sabni sun deebisanii, "Nuyi Waaqayyo gooftaa keenya duratti cubbuu waan hojenneef, inni bishaan hadhaan keessa jiru nu obaase, badiisattis erga gad nu dhiisee, nuyi maaliif calluma jennee teenya? Kottaa walitti qabamnee, gara mandaroota masaraa dhagaa qabaniitti in baqanna! (Er. 8:14)
- Yihudaan immoo deebissee, "Gooftaa ko! Maal jechuu dandeenya? Maal dubbannas? Nuyi wanta kana akka hin fuudhin maaliin mul'ifna ree? Waaqayyo yakka garboota kee irraa argateera; kunoo nuyi, inni xoofichi harkatti argames, gooftaa kootiif garboota ta'uun keenya" jedhe. (Uma. 44:16)
- Lubbuun koo gab jettee Waaqayyoon duwwaa in eeggatti, gargaarsi koo isa bira in dhufa. (Faar. 62:1)
- Yeroo guutummaan Israa'el iddo Waaqayyo ofii isaatii fo'atetti isa duratti argamuudhaaf dhufan, seera kana hunduma isaanii duratti akka isaan dhaga'anitti dubbisaaf! Yommus saba sana, dhiirotaa fi dubartoota, ijoollotas, galaa kella keessan keessa jirus, Waaqayyo gooftaa keessaniif dhaga'uu fi isa sodaachuu akka baranii fi dubbii abboommii isaa kana hundumaas gaarii godhanii akka eeganiif walitti sassaabaa! (Kees. 31:11-12)
- Waaqayyo egaa yeroo hundumaa gaarii akka nuuf ta'uuf, innis akkuma har'aa kana jireenyatti akka nu eeguuf, nuyi Waaqayyoon gooftaa keenya akka sodaannutti, seerrata isaa kana hundumaa eeguu nu abboome. (Kees. 6:24)
- Seerichi garuu gaadidduu wanta gaggaarii dhufuuf jiran sanaa ti malee, bifa dhugaa isa isaan ittiin mul'atan miti; inni karaa aarsaa wagga waggaadhaan utuu gargar hin citin dhi'effaman sanaa, warra dhi'aatan fiixaan kan ba'an gochuu matumaa hin

dandeenye. Amma garuu aarsaa waggaa waggaatti dhi'aataniin namoonni cubbuu isaanii in yaadatu. Dhiigni koromaa fi re'ootaa cubbuu namootaa irraa fuudhuu matumaa hin danda'u. (Ibr. 10:1,3–4)

- Nuyi amantiidhaan qajeelota taanee akka lakkaa'amnuuf, seerri adabduu keenya isa gara Kristositti nu geessu ture.(Gal. 3:24)
- Kanaafis karaa Yesus isa du'aa ka'e kanaan dhiifamuun cubbuu isinitti in lallabama.Irra-daddarbaa seera Museetiin itti hiikamuu hin dandeenye, hundumaattiis hiikamuun isumaan akka argamu isin biratti haa beekamu, yaa obboloota ko! Yesusitti kan amanu hundinuu hiikama in argata. (HoE. 13:38-39)

Seerri boqonnaa sanbataa hojii keenya irraa “boqonnaa” fi hojii Waaqayyootti amanamuu akka qabnu mallattoo ta'ee kennameera.

- "Saba Israa'eliin, 'Sanbatoota koo eegi! Ani Waaqayyo isa si qulqulleessu akkan ta'e akka beektuuf, dhaloota hundumaa keessatti Sanbanni kun anaa fi si gidduutti milikkita' jedhi! Guyyaa Sanbataa eegi inni siif qulqulla'a dha; namni qulqillinatti isa hin eegne haa ajjeefamu! Namni guyyaa sanatti hojii hojjete hundinuu saba isaa keessaa haa balleeffamu! (Ba'uu. 31:13–14)
- Kanaafis waa'ee nyaataa fi dhugaatiitti, waa'ee guyyaa ayyaanaatti, waa'ee baatii lakkaa'uutti yookiis waa'ee Sanbata eeguutti, namni tokko illee isinitti hin faradin!Isaan kun gaadidduu wanta dhufuu jiru sanaa duwwaa dha; wantichi inni dhugaan garuu kan Kiristoosi.(Qol. 2:16–17)
- Yesus yeroo sanatti, "Yaa abbaa, gooftaa waqaatii fi lafaa, isa kana warra ogeessotaa fi hubattoota jalaat dhoksitee, wallaalotatti waan mul'ifteef sin jajadha; Yesus itti fufee, "Isin warri itti dhamaatanii dadhabdan, ba'anis kan isinitti ulfaatu hundinuu gara koo kottaa; ani boqonnaa isiniifan kenna. (Mat. 11:25,28)

**Namoонни kakuu moofaa keessa turan wanta hojjetaniin
osoo hin taane, fayyinni Waaqayyoo dhufuutti
amanuudhaan ayyaana Waaqayyootiin fayyaniru.**

- Isin warri mata-jabeeyyiin, warri qajeelummaattii fagaattan, na dhaggeeffadhaa! Ani qajeelummaa koo isinitti nan dhi'eessa, innis fagoo hin jiru; fayyisuun koos hin turu; ani Xiyooniif fayyina, Israa'eliifis ulfina nan kenna. (Isa. 46:12–13)
- Waaqayyo, "Fayyisuun koo harka irratti in dhufa, qajeelummaan koos dafee in mul'ata; firdii sirriitti eegaa, wanta qajeelaas godhaa!(Isa. 56:1)
- Ani garuu abdiidhaan gara Waaqayyoo nan ilaala, Waaqayyo koo isa ana fayyisu nan eeggadha, Waaqayyotu anaaf dhaga'a.(Mik. 7:7)
- Furiin koo jiraataa akka ta'e, guyyaa booddeettis lafa irratti dhugaa baasuudhaaf akka inni ka'u ani beeka.(Iyo. 19:25)
- Ani garuu gaarummaa kee amanadheera, na oolchuu keettis garaa koo guutuudhaan nan gammada.(Faar. 13:5)
- Yommus Haannaan kadhata ishee keessatti, "Waaqayyo¹ ulfina waan anaaf kenneef, garaan koo isatti in gammada; inni waan na gargaareef, ani diinota koo irratti ofan jaja. Yaa Waaqayyo, qulqulluun akka keetii tokko illee hin jiru; si malees kan biraan hin jiru; akka Waaqayyo keenyaas kattaa kan namaaf ta'u hin jiru. (1Saam. 2:1–2)
- Yommus isaan, "Ilaa inni Waaqayyo keenya! Inni nuyi, 'Nu fayyisa' jennee eeggachaa turre isa; inni nuyi amanannes isa; kottaa fayyisuu isaatti in gammanna, in ililchinas" in jedhu.(Isa. 25:9)

**Namoонни Yihudootaa hedduun dhufaatii Yesuus eegaa
turan, kan akka Simi'oonii fi Haanna Yesuusiin
ijoollummaa isaatti argan.**

- Bara sanatti namni maqaan isaa Simi'oon jedhamu tokko Yerusaalem ture; namni kun abboommii Waaqayyoo kan eege, Waaqayyoon sodaachaa kan jiraate, fayyina isa Israa'eliif dhufu

- kan eeggatu ture; hafuurri qulqulluunis isa irra boqotee ture.Yommus Simi'oon mucicha fuudhee, kaasuutti baatee Waaqayyoon galateeffatee,"Egaa, yaa gooftaa, akkuma dubbattee turte garbicha kee nagaadhaan jirenya kanattii hiiki!Fayyisuu kee ija kootiin argeera. (Luq. 2:25,28–30)
- Raajittiin Haannaa jedhamtu tokko, intala Faanu'el, gosa Aseer keessaa turte; isheen lafa guurteetti; durbummaa ishee booddee waggaa torba duwwaa abbaa manaa ishee wajjin jiraatte.Yeroo kanatti dhi'aattee, Waaqayyoon galateeffachaa warra furii Yerusaalem eeggatan hundumaatti waa'ee mucichaa dubbatte. (Luq. 2:36,38)

12. Raajii fi Gaaddidduu

**Raajiiwan kakuu moofaa keessatti dubbataman Yesuus
Waaqayyo ilma ta'uu isaa (Amaanuel jechuun Waaqayyo
nu waliin jechuudha) cubbuu keenya akka baadhatu
argisiisu.**

- Muacaan nuuf dhalateera, ilmis nuuf kennameera; humni mootummaa isaa gatiittii isaa irra jira; maqaan isaa, "Gorsaa, dinqii, Waaqayyo-jabaa, abbaa bara baraa, angafa nagaa" in jedhama. (Isa. 9:6)
- Kanaafis Waaqayyo ofii isaatii milikkita isiniif in kenna; kunoo, durbi in ulfoofti, ilmas in deessi, maqaa isas 'Amaanu'el' jettee in moggafti; ['Amaanu'el' jechuunis 'Waaqayyo nuu wajjin jira' jechuu dha].(Isa. 7:14)
- Eenyetu gara bantii waqaqa dhaqee deebi'ee immoo dhufe? Eenyetu qilleensa abootee isaa keessatti walitti qabe? Eenyutus bishaanitti uffata maree ittise? Eenyetu daarii lafaa hundumaa jabeessee dhaabe? Eenu maqaan isaa, eenu maqaan ilma isas? Beekta yoo taate anatti himi!(Fak. 30:4)
- Kanaa achi inni in dheekkama, isinis karaa kanattii baduu keessan; dheekkamsi isaa dafee in boba'a ao! Warri isatti kooluu galan haa gammadan!(Faar. 2:12)

- Inni garuu balleessaa keenyaaf in waraaname, sababii yakka keenyaafis reebamee in caccabsame; nuyi nagaa akka argannuuf inni in adabame, madaa'uu isaatiinis fayyinni nuuf in argame; nuyi hundumti keenya akka hoolotaa karaa irraa badnee turre, adduma addaanis kara-karaa in gorre; Waaqayyo garuu yakka hunduma keenyaa isa irra in kaa'e. (Isa. 53:5–6)
- Dhiphina cimaa dhiphatee erga du'ee booddee deebi'ee jiraataa ta'ee garaa in ciibsata; garbichi koo inni qajeelaan beekumsa isaatiin namoota baay'eedhaaf in farada, yakka isaaniis isaaniif in baata; (Isa. 53:11)

Raajiiwwan waa'ee Yesuus kakuu moofaa fi raawwii Yesuus keessatti waggoota dhibba hedduu booda ta'an keessaa muraasni kunooti.

- Ani hafuura araaraa fi hafuura kadhataa mana Daawitii fi warra Yerusaalem keessa jiraatan irratti nan dhangalaasa; isaanis isa waraanan sana in ilaalu, akka nama mucaa tokkichaaf boo'uutti in boo'u, akka nama du'a ilma angafaatiif baay'isee gadduuttis in gaddu.(Zak. 12:10)
- Haa ta'u iyyuu malee, warra loltuu keessaa inni tokko eeboodhaan cinaacha isaa waraannaan, yommusuma dhiignii fi bishaan keessaa lola'e.(Yoh. 19:34)
- Ati immoo yaa mandara Betlihem-Efraataa, mandaroota Yihudaa warra gurguddoota keessaa ati ishee xinnoo dha; Israa'elin kan mo'u tokko si keessaa anaaf in ba'a; hundeen isa si keessaa ba'uuf jiruus kan bara durii durii bara baraa ti.(Mik. 5:2)
- Bara mooticha Herodisitti, Yesus mandara Betlihem kutaa biyya Yihudaatti yommuu dhalate, kunoo, namoonni ogeeyyiin urjii lakkaa'an tokko ba'a-biiftuutii gara Yerusaalem dhufan.(Maat. 2:1)
- Isin yaa namoota Xiyoon, guddaa gammadaa! Isin yaa namoota Yerusaalem, guddisaatii sagalee gammachuu dhageessisaa! Kunoo, mootiin keessan inni qajeelaan, inni mo'aan, gad of

deebisee, harree yaabii keessaa ilmoo harree irra taa'ee gara keessan in dhufa.(Zak. 9:9)

- Akkasitti harree sana Yesusiif fidan, uffata isaanii irra buusani Yesusin irra kaa'an. Yesuuus yaabbatee utuu adeemuu, namoonni uffata isaanii karaa inni irra darbu irra afan. (Luq. 19:35–36)
- Ani dugda koo warra na rukutanitti, maddii koos warra areeda koo ana irraa buqqisanitti nan qabe; fuula koo warra anatti tufanii fi warra anatti ga'isan jalaa hin dhoksine.(Isa. 50:6)
- Yommus fuula isaatti tufanii, isa abootan; warri kaanis kakkabalani,(Mat. 26:67)

Taateewwan qabatamaa hedduun Yesusiin dursanii kan argisiisan turan. Armaan gaditti jirenya Yoseef irraa muraasa qofa, fi raawwii Yesuuus keessatti argisiisu.

- Oduun waa'ee ijoollee Yaaqoob kanatti fufee in himama; Yoseef saafela waggaan kudha torbaa yeroo ta'etti, ijoollee dubartoota abbaa isaa, ilmaan Bilhaa fi Zilfaa obboloota isaa wajjin bushaayee in tiksa ture; Yoseef oduu waan hamaa isaan hojjetanii fidee abbaa isaaniitti hime. Obboloonni isaa garuu akka abbaan isaanii obboloota isaa hundumaa caalaatti isa jaallate yommuu argan isa in jibban; nagaas isatti dubbachuu hin dandeenye. (Uma. 37:2,4)
- Biyyi lafaa isin jibbuu hin danda'u, ana garuu, hojiin isaa hamaa akka ta'e waanan dhugaa itti ba'uuf, in jibba.(Yoh. 7:7)
- Isaan garuu utuma inni isaanitti hin dhi'aatin fagootti isa arganii, isa ajjeesuudhaaf irratti koratan. (Uma. 37:18)
- Yommuu lafti bari'es luboonnee warri angafoonni fi maanguddoonnee sabaa hundinuu Yesusin ajjeesuudhaaf mari'atan.(Mat. 27:1)
- Waaqayyo hambaa lafaa irratti isiniif quachuudhaaf, warra baay'atanii hoofkalanis fayyaatti isiniif jiraachisuudhaaf, isin dura na erge.(Uma. 45:7)
- Abbaan ilma isaa fayyisaab biyya lafaa godhee akka erge, nuyi argineerra, dhugaas in baana. (1Yoh. 4:14)

- Horiin warri biyya Gibxii fi warri biyya Kana'aan baasuu danda'an erga dhumee booddee, warri Gibxii hundinuu gara Yoseef dhufanii, "Nuyi maaliif utuu ati nu ilaaltuu duuna ree? Silaa horiin keenya dhumeera, ati nyaata nuuf kenni!" jedhan.(Uma. 47:15)
- Yommus Yesuus, "Ana buddeenni jirenyaa, gara koo kan dhufu hin beela'u, kan anatti amanus matumaa hin dheebotu.(Yoh. 6:35)

13. Addaamii fi Hewaan

Addaamiifi Hewaan waan hojjetaniin (hojii isaaniitiin) qullaa isaanii (qaanii cubbuu isaanii) haguuguuf yaalan. Waaqayyo garuu qophii isaa qofti fudhatama akka qabu agarsiise.

- Yommus lamaanuu iji isaanii in baname, qullaa ta'uu isaaniis in beekan; kana irratti isaan baala harbuu walitti hulluuqsisanii marxoo isaa hojjetatan.(Uma. 3:7)
- Waaqayyo gooftaan Addaamii fi haadha manaa isaatiif uffata gogaa irraa hojjetee isaanitti in uffise. (Uma. 3:21)

Hojii keenyaan ykn “hojii gaggaarii” keenyaan cubbuu keenya haguuguuf yaaluun bu’aa akka hin qabne kan agarsiisan kutaaleen walfakkaatan kunooti.

- Fo'aan sariitii isin fo'attan uffata hin ta'u, isuma ofii dhooftan sana iyuu uffachuu hin dandeessan; hojiin keessan nama rakkisu duwwaa dha, harka keessaniin waan hamaa in hojjettu.(Isa. 59:6)
- Namni irra-daddarbaa isaa dhokfatu hin hiiqu;namni irra-daddarbaa isaa himatu kan dhiisus garuu araara in argata.(Fak. 28:13)

Uffata xuraa'aa keenya gatuudhaan cubbuu keenya yoo himanne, achiis gara Yesuusitti yoo fiigne, uffata fayyinaa isaa ni uffanna.

- Nuyi hundumti keenya garuu akka wanta xuraa'aa taane, qajeelummaan keenya hundinuus akka moofaa xuraa'ummaa in ta'e; nuyi hundumti keenya akka baalaa in coollagne, yakki keenyas akka qilleensaa nu fudhatee in adeeme.(Isa. 64:6)
- Kanaaf inni wayyaa isaa of irraa darbatee, utaalee ka'ee, gara Yesus dhufe.(Mar. 10:50)
- Ani Waaqayyotti guddisee nan gammada, lubbuun koos Waaqayyo kootti in ililchiti;akkuma dhirsi misirroo akka lubaatti shaashii maratu,akkuma misirroonis mi'a miidhaginää naqattutti, akkasuma inni uffata fayyinaa anatti uffiseera, qoloo qajeelummaatiinis na gonfeera;(Isa. 61:10)

Uffanni xuraa'aan ni kufa, fuula Waaqayyoo duratti cubbuu ni saaxila. Qajeelummaan Yesuus uffata obsuu danda'u qofaadha.

- Qajeelummaan kee qajeelummaa bara baraa ti, seerri kees dhugaa dha.(Far. 119:142)
- Isaan akka uffata biliin nyaateetti, akka gogaa ololeen nyaateettis nyaatamanii in dhumu; qajeelummaan koo garuu bara baraan in jiraata, fayyisuun koos dhalootaa hamma dhalootaatti in tura" jedha.(Isa. 51:8)
- Sagaleen tokkos, "Kunoo, ani akka hattuun dhuftutti nan dhufa, namni dammaqu, namni qullaa isaa adeemee saalli isaa bakkeetti akka hin mul'annetti, uffata isaa eeggatu haa gammadu!" jedhe. (Mul. 16:15)

Waan hojenne yoo ilaalle waan fayyine nutti fakkaachuu dand'a, garuu uffata qajeelummaa Yesuus akka hin qabne argina.

- Kana booddee mootichi keessummoota isaa ilaaluudhaaf ol galee, nama uffata cidhaa hin uffatin tokko arge.Namichaan

immoo, 'Namicho! Uffata cidhaa malee attamitti asitti ol lixe?' jedhe'; namichis waan dubbatu dhabe.Yommus mootichi warra achi keessaa ergamaniin, 'Harka isaa fi miilla isaa hidhaatii, dukkana isa alaatti darbadhaa! Achitti namoonni in boo'u ilkaanis in qaru' jedhe. (Maat. 22:11–13)

14. Qaayinii fi Abeel

Qaayin firii hojii isaa dhiheessee fudhatama dhabe. Abeel hoolaa (aarsaa agarsiistuu Yesuusitti amanuu) dhiyeessee fudhatama argate.

- Itti dabaltees obboleessa isaa Abeelin deesse; Abeel tiksituu hoolaa ta'e, Qaayin garuu qottuu ta'e.Guyyaa baay'ee booddee Qaayin wanta lafa irraa galfate irraa Waaqayyoof kennaan dhi'eesse; Abeelis immoo hoolota isaa keessaa warra dura dhalatan qalee cooma isaanii aarsaa dhi'eesse; Waaqayyo gara Abeelii fi gara qalma isaa faara tolaadhaan in ilaale.Gara Qaayinii fi gara kennaan isaa garuu faara tolaadhaan hin ilaalle; kana irratti Qaayin aaree boba'ee, mataa buuse.Waaqayyo yommus Qaayiniin, "Maaliif aartee bobaate? Maaliifis mataa buufte? Wanta gaarii utuu hojjettee, ol jetta turte mitii ree? Wanta gaarii hin hojjettu yoo ta'e garuu, cubbuun balbala kee dura riphee si eeggata, si argachuus in kajeela; ati garuu isa irratti aboo godhadhu! jedhe. (Uma. 4:2–7)

Qaayin waan hojjete (karaa ofi deemuu), lafa qotuu, firii (aarsaa) hojii ofii dhiheessuutti amane.

- Mana Waaqayyootti yommuu ol lixxu miilla kee eeggadhu! Dhaga'uudhaaf ol lixi! Dhaga'uun aarsaa isa warri gowwoonni dhi'eessan irra in caala; isaan waan hamaa akka hojjetan iyyuu hin beekan. (Lal. 5:1)
- Isin garuu yeroo qottan jal'ina dhaabdani wanta jal'aa in galfattan;i ja sobaas in nyaattan.Ani konkolaataa kee isaduulaaf qopheeffatte baay'ina jagnootakeetiis amanatteetta.(Hos. 10:13)

- Karaan qajeelaa namatti fakkaatu jira, dhumni isaa garuu karaa du'aa ti.(Fak. 16:25)
- Ani guyyaa hundumaa harka koo gara saba didee ka'eetti, gara isa karaa hin taane irra adeemuutti, gara isa akeeka ofii isaatii irra bu'eettis nan bal'ise.(Isa. 65:2)

Karaa Waaqayyoo (Yesuus) irra yoo deemne,ni simatamna, lafa haaraa irraas hin abaaramnu (akka Qaayin abaaramame).

- Ammas ati abaaramaa dha! Lafa isa dhiiga obboleessaa keetii afaan banee akka dhugu goote sana irraa in ari'atamta.(Uma. 4:11)
- Ergasii mootichi namoota bitaa isaa jiraniin, 'Isin abaaramoo nana, na biraa adeemaa! Gara ibidda bara baraa isa Seexanaa fi ergamoota Seexanaatiif qophaa'e dhaqaa'!(Mat. 25:41)
- Namni qajeelaan bara baraan hin mittiqu, namni jal'aan garuu lafa irra hin jiraatu.(Fak. 10:30)

15. Dhukkuba nadaayii irraa barachuu

Waaqayyo yeroo baay'ee Macaafa Qulqulluu keessatti haalawan hiika jechaa jechatti argamuun alatti hiika fakkeenyaa qaban hammateera.

- Ani raajotatti dubbadheera,ani mul'ata baay'ee akka argan nan godhe;karaa isaaniis fakkeenyaaan nan dubbadhe jedhe. (Hos. 12:10)
- Inni tokko akkuma fedha foonii duwwaatti ishee garbittii irraa dhalate; inni kaan garuu abdachiifamee ishee birmaduu irraa dhalate.Ammas kun fakkeenyaa; dubartooni sun fakkeenyaa kakuu lamaanii ti. Isheen duraa isheen ijoolleen ishee garbummaa keessatti dhalatan Aggaar; isheen fakkeenyaa kakuu isa tulluu Siinaa irratti dhaabatee ti. (Gal. 4:23–24)

**Kutaaleen armaan gadii waa'ee dhukkuba nadaayii, nama,
uffata ykn mana keessatti, waa'ee dhukkuba cubbuu
keenyaas nu barsiisu.**

- Lubichi iddo gubate sana qoree haa ilaalu! Rifeensi iddo calalaqe sana irra jiru addaatee dhukkubichis gogaa keessa darbee hamma fooniitti adeemeera yoo ta'e, dhukkubni kun lamxii iddo gubate sana keessaan cabsatee ba'e ta'uun isaa ti; dhukkubichi lamxii waan ta'eef, namichi sun xuraa'aa ta'uun isaa lubichi haa beeksisu!Egaa inni hamma lamxichi isa irra jirutti dhuguma xuraa'ee in hafa; iddoon inni jiraatu, kophaatti iddo safaraa duuba haa ta'u! (Lew. 13:25,46)
- Uffata rifeensa irraa yookiis quncee talbaa irraa hojjetame tokko irratti dhukkubni lamxii yoo argame,uffata irratti, gogaa irratti, uffata dha'ame irratti, isa harkaan wal keessa naqamee irratti, mi'a gogaa irraa hojjetame irrattis akka margaa ta'ee yookiis diimatee yoo mul'ate, inni akkasii kun dhukkuba lamxii waan ta'eef, lubichatti haa argisiifamu!Lubichis dhukkuba sana qoree ilaalee, mi'icha dhukkubichaan tuqame sana guyyaa torbaaf kophaatti haa baasu!Guyyaa torbaffaattis akkasuma qoree haa ilaalu! Dhukkubni sun uffaticha keessa, uffata dha'ame yookiis harkaan wal keessa naqamee hojjetame, gogaa, mi'a gogaa irraa hojjetame hundumaa keessa tamsa'ee yoo argame, egaa inni dhukkuba lamxii isa hamaa dha; mi'i sunis xuraa'aa dha;lubichi uffaticha isa dha'ame yookiis isa harkaan wal keessa naqamee hojjetame, uffata rifeensa irraa hojjetame yookiis quncee talbaa irraa hojjetame yookiis mi'a gogaa irraa hojjetamee dhukkubni kun tuqe hundumaa ibiddaan haa gubu! Inni dhukkuba lamxii isa hamaa waan ta'eef, mi'i sun haa gubatu! (Lew. 13:47,49–52)
- Lubichi ammas dhaqee manicha qoree haa ilaalu! Dhukkubichi achi keessatti yoo tamsa'e, manicha keessa dhukkubni hamaan jiraachuu isaa ti, manichis xuraa'uu isaa ti;egaa manichi diigamee, dhagaan isaa, mukti isaa, maraggiin isas hundinuu gara iddo xuraa'aa isa mandara duubaatti haa geeffamu! (Lew. 14:44–45)

**Tokkoon tokkoon kutaalee armaan olii waa'ee dhukkuba
nadaayii irratti, lubichi qorannoo raawwatu fakkeenyaa
Waaqayyo Ilma, Yesuu Kiristoos bakka bu'a.**

- Egaa angafa lubootaa isa guddicha bantiiwwan waqaqaa keessa darbe, Yesus ilma Waaqayyoo erga qabaannee, beeksisa amantii keenyaa jabeessinee in qabanna.(Ibr. 4:14)
- Waaqayyo duratti, Kristos Yesus isa warra jiranii fi warra du'anitti faraduuf jiru dutattis, maqaa isa deebi'ee mul'atee, mootummaa isaas argisiisu sanaan cimsee sin gorsa.(2Xim. 4:1)
- Akka isa Waaqayyo qoree nu ilaalee, wangeela hadaraa nutti kenneetti in dubbanna; namoota utuu hin ta'in, Waaqayyoon isa garaa keenya qoree ilaalu gammachiisuudhaaf in dhamaana.(1Tas. 2:4)
- Inni qoree yoo isin ilaale, isiniif ba'eessaa ree? Yookiis akkuma namatti ga'iftan, Waaqayyotti ga'isuu dandeessuu ree?Surraan isaa isin hin sodaachisuu ree? Naasisuun isaas isin hin rom'isisuu ree? (Iyo. 13:9,11)
- Yommus Haageen, "Namni reefatti bu'e tokko, nyaata kana keessaa tokkotti yoo bu'e nyaatichi in xuraa'aa ree?" jedhee in gaafate; luboonnis deebisanii, "Eyyee, in xuraa'a!" jedhan.Kana irratti Haageen, "Sabni kun, namoonni kunis ana duratti akkasuma wanti isaan harka isaaniitiin hoijjetan, wanti isaan iddo sanatti dhi'eessanis akkasuma xuraa'aa dha; kana Waaqayyotu dubbate" jedhe. (Haag. 2:13–14)

**Akekkihiisa jaalala Waaqayyoo #1: Namni dhukkuba
nadaayiitiin qabame sun xuraa'aa ta'ee kophaa isaa fi ala
jiraachuuf ari'ame.**

- Namni jal'aan hammina isaatiif gad in darbatama, namni qajeelaan garuu, yeroo du'utti illee abdii in qabaata.(Fak. 14:32)
- Namni halaleen, yookiis xuraa'aan yookiis sassataan mootummaa Kristosii fi mootummaa Waaqayyotti galuu akka hin dandeenye beekaa! Namni sassataan waaqayyolii tolfaman waaqessuu isaa

ti.Sababii waan kana hundumaatiif dheekkamsii Waaqayyoo warra isaaf hin abboomamne irratti in dhufa; homtinuu dubbii hundee hin qabneen isin hin gowwoomsin! (Efe. 5:5–6)

- Macaafa hoolichaa isa warri jirenya argachuuf jiran keessati caafaman sana keessatti, warra argaman duwwaa malee, wanti xura'aan tokko illee, warri wanta ciinggaasisaa yookis wanta sobaa hojjetan tokko illee achitti hin galan (Mul. 21:27)

Akekkihiisa jaalalaa Waaqayyoo #2: Uffanni dhukkuba nadaayii xuraa'aa ta'ee ibidda keessatti gubate.

- Cubbamoonni Xiyoon keessa jiraatan naasuudhaan in qabamu, warri Waaqayyoon hin sodaannes in rom'u; isaan yommus, "Nu keessaa eenyutu ibidda nama fixu bira jiraachuu danda'a? Nu keessaa eenyutu ibidda hin dhaamne kana obsuu danda'a?" in jedhu.(Isa. 33:14)

Akekkihiisa jaalalaa Waaqayyoo #3: Manni dhukkuba nadaayii xuraa'aa ta'ee labsamee diigame.

- Isaan ana irraa waan baqtaniif isaaniif wayyoo! Ana waan yakkaniifis badiisi isaanitti haa dhufu! Ani isaan furuufan ture, isaan garuu soba ana irratti in dubbatu.Siree isaanii irratti in wawwaatu malee, garaa isaaniitiin anatti hin iyyatan; midhaanii fi daadhii waynii if of in murmuru; ana irraa in garagalu. (Hos. 7:13–14)
- Waaqayyo garuu yeroo hundumaaf gad si cabsuuf jira; godoo kee keessaa butee si baasuuf jira; biyya warra jiraatoo keessaas hundeedhaan si buqqisa.(Faar. 52:5)

Kutaan Kakuu Haaraa kun bu'aa ibiddaa, badiisa, fi argama Waaqayyoo irraa adda ba'uu agarsiisa.

- Isin warra rakkachaa jirtan immoo gaafa gooftaan Yesus ergamoota aangoo isaa wajjin waaqa irraa mul'atu nuyii wajjin kana jalaa isin in baasa.Gooftichi ibidda boba'aa wajjin in mul'ata; gaafas warra Waaqayyoon beekuu hin barbaadin, warra

wangeela gooftaa keenya Yesusiif hin abboomaminis in adaba.Isaan kun argaa gooftaa duraa, ulfina aangoo isaa duraas fageeffamanii badiisa bara baraatiin in adabamu.Kunis guyyaa inni qulqulloota isaa keessatti ulfina argachuudhaaf warra isatti amanan hundumaa birattis dinqiitti ilaalamuudhaaf dhufu sanatti raawwatamuuf jira; isinis isa nuyi isinitti dhugaa baane waan amantaniif warra sanatti in lakkaa'amtu. (2Tas. 1:7–10)

**Waaqayyo madda waan gaarii hundumaa waan ta'eef, fuula
Waaqayyoo irraa ari'amuu, ykn adda ba'uun nagaa irraa
adda ba'uu jechuudha.**

- Haa ta'u iyyuu malee, "Warri jal'oонни nagaa hin qaban" jedha Waaqayyo.(Isa. 48:22)
- Isin jal'ina hojjechuutti in fiigdu, dhiiga nama yakka hin qabnee dhangalaasuuttiis in ariifattu; yaadni keessan jal'aa dha, gara itti adeemtanittis hojiin keessan diiguu fi balleessuu duwwaa dha;lafa dhaqxanitti nagaa buusuu hin beektan, daandii keessan irras firdiin qajeelaan hin jiru; karaa jal'aa irra in adeemtu, namni yaada keessan duukaa bu'us nagaa hin qabu. (Isa. 59:7–8)

**Of qulqulleessuuf abdii hin qabnu, Yesuus garuu dhukkuba
nadaayii cubbuu keenya irraa nu fayyisuu fi qulqulleessuu
danda'a.**

- Eenyetu "Ani yaada garaa koo qulleeffadheera,cubbuu koo irraas qullaa'eera" jechuu danda'aaree? (Fak.20:9)
- Eenyetu wanta qullaa'aa hin ta'in keessaa, wanta qullaa'aa baasuu danda'a? Namni kana danda'u tokko illee hin jiru.(Iyo. 14:4)
- Namni dhagni isaa lamxaa'e tokko gara Yesus dhufee [jilbeenfatee], "Fedha kee yoo ta'e na qulleessuu in dandeessa" jedhee isa kadhate.Kanaaf Yesus, garaa laafeefii hiixatee qabee, "Fedheeraa qullaa'i!" ittiin jedhe.Achumaan namichi lamxii isaa irraa fayyee qullaa'e.(Maar.1:40–42)

- Akka inni ifa keessa jiru, nuyis ifa keessa yoo deddeebine, nuyi walii keenyaa wajjin tokkummaa qabna, dhiigni ilma isaa Yesus immoo cubbuu hundumaattii nu quleessa.(1Yoh. 1:7)

**Of qajeelchuuf abdii hin qabnu, garuu Yesuus jal'ina
cubbuu keenyaa irraa nu fayyisuu fi qajeelchuu ni danda'a.**

- Ani wanta aduu jalatti hojjetame hundumaa argeera, kunoo, wanti hundinuu waa'ee hin baasu, akka nama qilleensa ari'uu tis.Wanti micciiramaan qajeeluu hin danda'u, wanti hin jirres lakkaa'amuu hin danda'u. (Lal. 1:14–15)
- Kunoos dubartiin hafuura hamaadhaan qabamtee, waggaa kudha saddeet dhukkubsatte tokko achi turte; isheen goophoftee ol qajeeluu hin dandeenye.Yesus yommuu ishee arge, ofitti ishee waamee, "Dubartii nana, dhukkuba keettii hiikamteetta" jedhe.Harka isaas ishee irra kaa'e; isheen achumaan ol qajeeltee dhaabattee, Waaqayyoof hooqubaa dhi'eessite.(Luq. 13:11–13)
- Yaa Waaqayyo, ati jajannaan koo ti'o, na fayyisi, yommus ani nan fayya; ati na oolchi, yommus ani nan oola.(Er. 17:14)

**Garbummaa cubbuu jalaa of baasuuf abdii hin qabnu,
Yesuus garuu bilisa nu baasuu danda'a.**

- Nuyi garbummaa jala gallee utuma jirruu, ati Waaqayyoon keenya garbummaa keenya keessatti iyyuu nu hin ganne; nuyi bayyaannannee mana kee mana Waaqayyo keenyaa dhaabuudhaaf, isa jiges deebifnee ijaaruudhaaf mootonni Faares karaa akka nuuf kennaniif, kutaa biyya Yihudaa fi Yerusaalem keessattis dalasaa kan nuuf ta'an akka nuuf abboomaniif, ati Waaqayyoon keenya isaan duratti gaarummaa nu argisiifteetta.(Iz. 9:9)
- Egaa Israa'elootaan, 'Ani Waaqayyo dha! Ba'aa warra Gibxii jalaa isin nan baasa, garbummaa isaanii keessaas isin nan oolcha; ani irree koo ol fudhadhee firdii gurguddaadhaan isin nan fura.
(Ba'uu. 6:6)

- Ilmichi yoo birmaduu isin baase egaa isin warra birmaduu baatanii dha."(Yoh. 8:36)
- Seerri hafuuraa inni karaa Kiristoos Yesuus nama jiraachisu, seera cubbuu isa du'atti nama geessu jalaa si baaseera.(Room. 8:2)

Uumamaan garaa jabaa gowwoomsaa qabna, Yesuus garuu garaa haaraa nuuf kennuu danda'a.

- Xurii isaaniittii utuma hin qullaa'in, qullaa'oo kan of se'an jiru.(Fak. 30:12)
- Cubbuun keessa garaa nama jal'aa isa gad fagootti in dubbata; kanaafis Waaqayyoon sodaachuun yaada namichaa keessa hin jiru.Namichi yakka isaa argee akka hin jibbinetti, akka yaada isaatiitti of gowwoomsuu isaa ti. (Far. 36:1–2)
- Inni garuu deebisee, "Isin namoota biratti qajeelota jedhamuu barbaaddu,Waaqayyo garuu garaa keessan keessa beeka, waan nama duratti ol fuudhame Waaqayyo duratti ciingga'amaa dha. (Luq. 16:15)
- Garaan namaa waan hundumaa irra jal'aa dha, namnis isa qajeelchuu hin danda'u; egaa eenyutu isa beekuu danda'a ree?Ani Waaqayyo garaa namaa fi yaada namaa isa dhokataa qoree nan ilaala; nama hundumaafis akka akeeka isaatii fi akka ija hojii isaatiitti nan kennaaf" jedhe. (Er. 17:9–10)
- Namni irra-daddarbaan isaa dhiifameef, cubbuun isaas deebi'ee akka hin argamne godhameef haa gammadu!Namni Waaqayyo yakka tokko illee irratti hin lakkofne, yaada isaa keessas haxxummaan hin jirre haa gammadu! (Faar. 32:1–2)
- Ati waaqa irraa iddo jirenya keetiitii isaaniif dhaga'i, isaaniifis dhiisi! Si duwwatu garaa namaa beeka, kanaafis ati adduma addaan akka hojii isaaniitti isaaniif deebisi!(2Sen. 6:30)
- Garaa qullaa'aa anaaf uumi, yaa Waaqayyo! Hafuura dhaabataas ana keessatti haaressi!(Far. 51:10)
- Ani bishaan taliila isinitti nan facaasa, isinis in qullooftu; ani xuraa'ummaa keessanii fi waaqayyolii tol famoo keessan

hundumaattii isin nan qulleessa;ani garaa haaraa isiniif nan kenna, hafuura haaraas isin keessa nan kaa'a; ani garaa isa akka dhagaa sana isin keessaa nan baasa, garaa isa akka fooniis isiniif nan kenna. (His. 36:25–26)

16. Ija Waaqayyoo duratti namoota gosa lama

Ija Waaqayyootti jalloota (humna keenyaatti abdannee),yookaan qulqulluu qajeelaa (Waaqayyootti amanamuudhaan).

- Waaqayyo miilla namoota isaaf of kennanii in eega; warri jal'oonni garuu dukkana keessa in balleeffamu; namni humna isaatiin mo'icha hin argatu.(1Sam. 2:9)
- Irreen jal'oottaa in caccaba, warra qajeelota garuu Waaqayyo qabaa isaa keessatti in eega.(Far. 37:17)
- Biyyi lafaa guutummaatti daariidhaa hamma daariitti fayyisuu Waaqayyo keenyaa in arga; Waaqayyo irree isaa isa qulqulluu saba lafa irraa hundumaa duratti in mul'isa.(Isa. 52:10)
- Ati saba kee ijoollee Yaaqoobii fi Yoseef irree keetiin furteetta.(Far. 77:15)
- Qajeelinni koo dhiyaateera, fayyisuun koos as ba'aa jira, sabni baay'een irree kootiin firdii qajeelaa in argatu, warri biyya galaana gidduu keessa jiraatanis ana in abdatu. (Isa.51:5)
- Kana qajeelchuudhaaf kan yaale tokko illee akka hin jirre Waaqayyo yommuu kana arge in dinqisiifate; qajeelummaa isaatti in irkate, irree isaatiinis mo'icha in argate. (Isa.59:16)

Waaqayyo duratti namoonni gosa lama qofa akka ta'an, bu'aan isaas lama qofatu jira.

- Isaan gara adaba bara baraa, warri qajeelonni garuu gara jirenya bara baraa in dhaqu" jedhe. (Maat. 25:46)
- Wanti namni qajeelaan eeggatu gammachiisaa dha, abdiin nama jal'aa garuu in bada.Karaan Waaqayyoo warra balleessaa hin

- qabneef da'oo ol ka'aa dha, warra hamaa godhanitti garuu badiisa. (Fak. 10:28–29)
- Nama hir'ina hin qabne caqasi, nama yaada qajeelaas ilaali! Qacceen nama nagaa hin badu. Warri irra-daddarbituun garuu wal duukaa in duguugamu, qacceen warra jal'ootaas lafa irraa in balleeffamu. Fureen qajeelotaa Waaqayyo biraa in dhufa, Waaqayyo yeroo rakkinaatti da'oo isaanii ti; Waaqayyo isaan in gargaara, isaan in oolchas; waan isaan kooluu isatti galaniif, inni harka warra jal'ootaa duraa oolcheeisaan in fura. (Faar. 37:37–40)
 - Namni qajeelaan rakkina jalaa in ba'a, namni jal'aan garuu, iddoa isaa rakkinatti in gala; (Fak. 11:8)
 - Ilmi namaa ergamoota isaa in erga; isaanis karaa Waaqayyoo irraa waan nama gufachiisu hundumaa, warra hamaa hoijjetan hundumaas mootummaa isaa keessaa walitti in qabu, boolla ibiddaattis isaan in darbatu. Achitti boo'ichii fi ilkaan qaruun isaan irra in ga'a. Egaa warri qajeeltonni mootummaa abbaa isaanii keessatti akka biiftuu in ifu; namni gurra qabu haa dhaggeeffatu!" jedheen. (Mat. 13:41–43)

Waaqayyo namoota ni jaallata, namoota kennaa fayyinnaa isaa fudhachuuf gara isaa dhufuu dhabuu isaaniitiin gara si'oolitti deemuu isaaniitti matumaa gammachuu hin qabu.

- Yesus itti fufee, "Dhuguman isinitti hima, ilmi ofuma isaatiin homaa gochuu hin danda'u, isa abbaan isaa hoijetu ilaalee in hoijeta; isuma abbaan hoijetu ilmis immoo akkuma kanatti in hoijeta. Haa ta'u iyyuu malee, jirenyaa akka qabaattaniif gara koo dhufuu hin barbaaddan. (Yoh. 5:19,40)
- Ati isaanitti dubbadhuu, "Ani jiraataa dha! 'Namni jal'aan karaa isaatii akka deebi'uu fi akka jiraatu malee, ani du'a nama jal'aatti hin gammadu. Deebi'aa! Isin yaa mana Israa'el maaliif duutu? Karaa keessan isa hamaattii deebi'aa!' jedha Waaqayyo gooftaan" jedhi! (His. 33:11)

- Bartoontti isaa Yaaqoobii fi Yohannis kana yommuu hubatan, "Yaa gooftaa, [akka Eliyaas godhe] ibiddi waaqa irraa bu'ee isaan haa fixu, jennee akka jarreen kanatti waamnu in barbaaddaa?" jedhaniin. Yesus garuu gara isaaniitti garagalee, isaan ifatee, ["Hafuura attamiitiin akka geggeeffamtan hin beektanii? Ilmi namaa jirenya namaa balleessuu hin dhufne'o, oolchuudhaaf malee" jedheen.] Kana booddee darbanii ganda biraa dhaqan. (Luq. 9:54–56)

Hundi keenya uumama hamaa qabannee dhalanne, garuu qajeelummaa Yesuusitti amanamuudhaan qajeelota ta'uu (lammaffaa dhalachuu) ni dandeenya.

- Warri jal'oontti garaa haadha isaaniitii jalqabanii karaa irraa in goru, warri soba dubbatanis dhalachuu isaaniitii jalqabanii irraa in kaatu.(Faar. 58:3)
- Kunoo, haati koo isheen garaatti na baatte iyyuu cubbamtuu turte, anis yakkaa ta'ee nan dhaladhe. (Faar. 51:5)
- Yesuus, "Dhuguma, dhuguman sitti hima, eenu illee olii yoo dhalachuu dhaabaate, mootummaa Waaqayyoo arguu iyyuu hin danda'u" jedhee deebiseef.(Yoh. 3:3)
- Isa cubbuu tokko illee hin qabne, nuyi karaa isaa qajeelina Waaqayyoo akka argannutti, nuuf jedhee cubbamaal isa godheera. (2Qor. 5:21)
- Amma garuu karaa seerichaa utuu hin ta'in karaan namni ittiin qajeelaa ta'u Waaqayyo biraa mul'ateera; seerii fi raajonni karaa kanaaf dhugaa ba'aniiru.Namni Yesus Kristositti amanuuudhaan fuula Waaqayyoo duratti qajeelaa in ta'a; kana irrattis warra amanan hundumaaf garaa garummaan hin jiru. (Rom. 3:21–22)

Akkasumas isa tokko ykn isa kaan hordofuudhaan “abbaan” lama qofatu jira. Yoo lammata dhalanne Waaqayyo Abbaa keenyadha.

- Yesus deebisee, "Waaqayyo utuu abbaa keessan ta'ee, ana in jaallattu turtan; anoo Waaqayyo keessaa ba'ee, dhufeen as jira;

isatu ana erge malee, ani ofiin hin dhufne. Isin kan abbaa isa tokkoo, kan Seexanaa ti; kajeellaa hamaa isa kan abbaa keessaniis gochuu in feetu. Jalqabumaa jalqabee inni sun nama ajjeesaa ture; dhugaan isa keessa waan hin jirreef, inni dhugaa irra hin dhaabanne. Inni sobaa dha, abbaa sobaa tis; kanaaf yommuu sobu isa garaa isaa keessa jiru in dubbata.(Yoh. 8:42,44)

- Isaan isa irratti balleessaa hojjechuu isaaniitiin waan yeellaasifamaniif, si'achi ijoollee isaa hin jedhaman; isaan dhaloota jal'aa fi micciiramaa dha;(Kees. 32:5)

Akkasumas amanannaa gosa lama qofatu jira, hojii keenyatti amanachuu fi hojii Waaqayyootti amanachuu.

- Ammas Waaqayyo itti fufee, "Namni nama amanatu, jabina irree foonii kan abdatu, yaada isaas Waaqayyo irraa kan deebisu abaaramaa dha. Inni akka muka baalli irraa harca'ee, kophaa isaa lafa onaa keessa ijaajjuu, isa akka lafa gogaa waa biqilchuu hin dandeenyee, akka lafa soogiddaa iddoo namni keessa hin jiraanne keessatti argamuu ti; wanti gaariin yommuu dhufus arguu hin danda'u. (Er. 17:5–6)
- Garuu namni ana Waaqayyoon amanatu, ana duwwaattis kan of kenuu, haa gammadu! Namni akkasii akka muka yaa'aa bishaanii qarqara dhaabamee, hidda isaa gara bishaaniitti yaafatuu ti; mukichi ho'i yommuu dhufu hin sodaatu, yeroo hundaa in lalisa, caamsaan isa hin yaaddessu, yeroo yeroottis ija in godhata. (Er. 17:7–8)
- Ijoollee ishees dha'ichaan nan ajjeesa; kanaanis walfoonni kristiyaanaa hundinuu, inni yaada namaa fi garaa namaa fonqolchu ana ta'uu isaa beekuuf jiru. Ani immoo tokkon tokkon keessaniif akka hojii isaatiitti kennuufan jira. (Mul. 2:23)
- Namni ilma Waaqayyoo qabaatu jireenyicha qaba; namni ilma Waaqayyoo hin qabaanne, jireenyicha hin qabu.(1Yoh. 5:12)

17. Barbaachisummaa keenya hubachuu

Waa'ee waan hojjennuu akka hin taane, gaarummaa akka hin qabne, akkasumas Yesuus qofti gaarii akka ta'e hubannee, waan qabnu hundumaa "dhiisuu" qabna.

- Kanaafis kun akka araara Waaqayyootti malee, akka jalaala yookiis dhama'a namaatti miti. (Rom. 9:16)
- Yesus adeemuudhaaf karaa irra yommuu bu'utti, namichi tokko itti fiigee, fuula isaa durattis jilbeenfatee, "Yaa barsiisaa gaarii! Jirenya barabaraatti galuudhaaf maal gochuutu anaaf ta'a?" jedhee gaafate. Yesus immoo, "Maaliif gaarii naan jetta? Waaqayyo isa tokkicha duwwaa malee, namni gaariin tokko illee hin jiru. Abboommiin, 'Hin ajjeesin, hin ejjin, hin hatin, sobaan nama irratti dhugaa hin ba'in, gowwoomsaadhaan hin fudhatin, abbaa kee fi haadha keef ulfina kenni! akka jedhu in beekta" jedheen. Namichi immoo deebisee, "Barsiisa! Kana hundumaa ijoollummaa kootii jalqabee raawwadheera" jedheen. Yesus ilaalee isa jaallatee, "Waan tokkotu si duraa hir'ata. Dhaqii, waan qabdu gurgurii, warra deegaadhaafis kenni, waaqa irratti badhaadhummaa in qabaatta; isa booddee immoo kottuu ana duukaa bu'i!" jedheen. Namichi kana yommuu dhaga'e qabeenya guddaa qaba waan tureef, bifni isaa geddaramjee, gaddees achii adeeme. (Mar. 10:17–22)
- Akkuma kanattis eenyu illee isin keessaa qabeenya isaa hundumaa kan gad hin dhiifne bartuu koo ta'uu hin danda'u" jedhe. (Luq. 14:33)

Yesuus "Wanti tokko si hanqate" jedhee ture. Wanti barbaachisaa ta'e maqaan keenya Yesuusitti amanuudhaan Galmee Jirenyaa keessa yoo jiraate qofa.

- Kana booddees teessoo adii guddaa tokkoo fi isa teessicha irra taa'e nan arge; laftii fi waaqni fuula isaa duraa in baqatan, iddoonis isaaniif hin argamne. Warra du'anis xinnaa fi guddaa teessicha dura utuu dhaabatanii nan arge. Macaafonni in

banaman; macaafni bira, inni warri jirenya argachuuf jiran itti caafaman tokkos in baname; warri du'an immoo akka hojii dur hojjetaniitti, akka isa macaafota keessatti caafameettis firdii argatan.Namni maqaan isaa macaafa isa warri jirenya argachuuf jiran keessatti caafaman keessatti hin argaminis, kuufama ibiddaatti gad in darbatame. (Mul. 20:11–12,15)

**Fannoo fudhachuu jechuun du'a of tuulummaa keenyaa,
waan gaarii qabna jennee yaadnu ganuu fi sanaan
mufachuu dhiisuu jechuudha**

- Inni tuuta jaraa bartoota isaatii wajjin ofitti waamee, "Namni tokko illee ana duukaa bu'uu yoo barbaade, waa'ee ofii isaa dhiisee, fannoo isaa [isa anaaf jedhee baatu] of irra kaa'atee, ana duukaas haa bu'u!(Mar. 8:34)
- Garuu obboloota ko, amma iyyuu seerri dhagna-qabaa akka eegamu utuun nan lallaba ta'ee, hamma ammaatti iyyuu maaliifan ari'atama ree? Yoos fannoont Kristos namootatti gufuu ta'uun isaa in hafa ture.(Gal. 5:11)
- Ani Waaqayyo gooftaan maccaa duwwaan qulqulluu akkan ta'e beeki! Ana duwwaa sodaadhu! Ana malees homtuu si hin naasisin!Warra akkasiif ani mana qulqullummaa nan ta'a; mootummaa Efreemii fi mootummaa Yihudaatti garuu, dhagaa nama gufachiisuu fi kattaa nama kuffisu nan ta'a; warra Yerusaalem keessa jiraatanittis kiyyoo fi futtaasaa nan ta'a.(Isa. 8:13-14)
- Namni waa'ee kootiif abdii hin kutanne, gammachuu attamii qaba" isaaniin jedhe.(Mat. 11:6)

Fayyisuun Waaqayyoo nama hundumaaf ni argama, garuu argachuuf kan dandeenyu barbaachisummaa keenya hubannee amannee gara isaa yoo dhufne qofa.

- Inni furee cubbuu keenyaa ti, cubbuu keenya duwwaafis miti cubbuu guutummaa biyya lafaatiifis malee.(1Yoh. 2:2)

- Waaqayyo ayyaana isaa isa nama hundumaaf fayyina kennu mul'iseera.(Tiit. 2:11)
- Waaqayyo fayyisaa nama hundumaa ti, addumaan immoo fayyisaa amantootaa ti; nuyi abdii keenya Waaqayyo isa jiraataa irra ka'anneerra; kanaafis kanatti in dadhabna in dhamaanas.(1Xim. 4:10)

**Akka cubbamaatti barbaachisummaa keenya isa guddaa
yoo hubanne Yesuusitti yoo amanne, sana booda hin duunu.**

- Inni nama dhabee isatti iyyatu, gadadamaa nama isa gargaaru hin qabnes in oolcha.Inni isa dadhabaadhaa fi isa wanta barbaachisu dhabeef in oo'a; jirenya warra wanta barbaachisu dhabaniis inni in oolcha. (Faar. 72:12–13)
- Dubbiin, "Kiristoos u cubbamoota fayysiudhaaf gara biyya lafaa dhufe" jedhu, amanamaa dha; guutummaatti fudhatamuunis in ta'aaf; warra cubbamootatti lakkaa'aman sana keessaa immoo ani isa duraa ti.Haa ta'u iyyuu malee, Yesus Kristos ana isa cubbuutti isa duraa ta'e kana keessaan obsa isaa guutummaatti akka mul'isutti, warra jirenya bara baraatiif isatti amananiif fakkeenya akka ta'uuf, ani araara argadheera. (1Xim. 1:15–16)
- Amantii malee immoo Waaqayyoon gammachiisuun hin danda'amu. Eenyu illee Waaqayyootti dhi'aachuu yoo barbaade, inni akka jiru, warra isa barbaadaniifis gatti isaanii akka kennuuf amanuun isa irra jira.(Ibr. 11:6)
- Kanattis warra Yihudoottaa fi warra Yihudoota hin ta'in gidduu garaa garummaan hin jiru; innoo gooftaa nama hundumaa ti, warra isa waammatan hundumaafis badhaadhummaa isaa irraa in kenna. Caaffanni qulqullaa'an, "Namni maqaa gooftaa waammatu hundinuu in oola" in jedha. (Rom. 10:12–13)

**Cubbuun dhukkubsannee akka jirru hubannee Yesuusitti
yoo amanne, sana booda gara isaatti dhufnee isa bira
fayyina arganna.Kanaaf hin duunu.**

- Yesus garuu kana yommuu dhaga'e, "Namoonni fayyaan ogeessa qorichaa hin barbaadan, dhukkubsatootatu barbaada malee;inni 'Gara-laafinan barbaada malee aarsaa miti' jedhu maalitti akka hiikamu dhaqaa baraa! Anoo warra gara-qajeeleta waamuu hin dhufne, warra cubbamoota waamuufan dhufe malee" jedhe. (Mat. 9:12–13)
- Ani immoo, "Yaa Waaqayyo, anaaf oo'i, ani si duratti cubbuu hojjedheera, na fayyisi!" jedhee kadhadheera.(Faar. 41:4)

**Hiyyummaa qajeelummaa keenya yoo hubanne
qajeelummaa Waaqayyoof yoo beelofne, sana booda samii
irratti kolfina, ni gammadna.**

- Warri waan qajeele akka midhaanii beela'anii, akka bisaanii dheebotan haa gammadan, isaan geessifachuuf jiru.(Maat. 5:6)
- Yommus inni gara isaaniitti garagalee bartoota isaa do'atee, isaanitti dubbate; "Gammadaa isin gadadamoota nana, mootummaan Waaqayyo kan keessan.Gammadaa isin amma kan beeloftan, quufuudhaaf jirtu; gammadaa isin amma kan boossan, kolfuudhaaf jirtu. (Luq. 6:20–21)
- Yaa obboloota ko jaallatamoo, dhaggeeffadhaa! Waaqayyo akka isaan amantiitti sooromaniif, mootummaa isaa isa inni warra isa jaallatan abdachiisettis akka galaniif, namoota biyya lafaa duratti hiyyeessota warra ta'an fo'ate mitii ree?(Yaq. 2:5)
- Maariyaam yommus,"Garaan koo gooftaa kootiif hooqubaa dhi'eessa;hafuurri koos Waaqayyo fayyisaa kootti in ililcha.Waaqayyo inni danda'aan, waan guddaa anaaf godhe; maqaan isaa qulqulluu dha.Warra beela'an waan gaariidhaan quufse; sooreessota harka duwwaa isaan gad dhiise. (Luq. 1:46–47,49,53)

- Namichi gadadamaan kun yommuu iyyate, Waaqayyo isaaf dhaga'e, rakkina isaa hundumaa keessaas isa in oolche.(Faar. 34:6)
- In beela'an, in dheebotanis, jirenya isaaniif iyyuu abdii kutatan.Rakkina isaanii keessatti gara Waaqayyootti iyyatan, yommus inni muddama isaanii keessaa isaan in baase;gara mandara namni keessa jiraatuu akka dhaqaniif, inni karaa qajeelaa irra isaan buuse;egaa gaarummaa isaa fi wanta dinqisiisaa inni ilmaan namootaaaf godheefis, isaan kun Waaqayyoof galata haa galchan!Innoo isa dheebotaa dheebuu in baasa, isa beela'aas waan gaariidhaan in quufsa. (Faar. 107:5–9)
- Yommus warri kan kee ta'an achi keessatti iddo jirenyaa in argatan; yaa Waaqayyo, ati gaarummaa keetiin warra waan barbaachisu dhabaniif isa in qopheessite.(Faar. 68:10)

Garuu, tolummaa keenyatti yoo amananne (tolli kenya nu oolcha jennee yoo yaadne), dhugumatti gatii hin qabu.

- Garuu wayyoo isin warra geessifattaniif, qanno keessaniif kan ta'u argattaniittu.Wayyoo isin warra amma quuftaniif, beela'uudhaaf jirtu; wayyoo isin amma kan kolfitaniif, wawwaachuuf, boo'uufis jirtu. (Luq. 6:24–25)
- Namni sooruma isaa amanatu in kufa, namni qajeelaan garuu, akka muka jiidhaatti in lalisa. (Fak. 11:28)
- Ilaa namicha isa Waaqayyoon da'oo isaa hin godhanne, qooda kanaa baay'ina sooruma isaa amanatee, badiisa fiduu isaatiinis jabaa of se'e" in jedhu.(Faar. 52:7)
- Ati hojji kee fi badhaadhummaa kee in amanatte, kanaafis in booji'amta; Kemosh Waaqayyoon kee inni tolfamaan in booji'ama; luboonni isaa fi hojjetoonni isaa hundinuu in booji'amu. (Er. 48:7)
- Isin warri sooressonni immoo gadadama isinitti dhufuuf jiruuf boo'aa, wawwaadhaas!Soorumni keessan in tortora; uffanni keessanis biliidhaan in nyaatama. (Yaaq. 5:1–2)

- Namni sooressa of fakkeessu jira, kana keessaa immoo homaa hin qabu; namni hiyyeessa of fakkeessu jira, kana keessaa immoo badhaadhaa dha.(Fak. 13:7)

18. Fayyisuun Waaqayyoo Nama Hundaaf argama.

Fayyisuun Waaqayyoo wanti nuti hojenne hammam suukaneessaa ta'us nuuf ni argama, nu fayyinuun fedhii Waaqayyooti.

- Ani wangeelatti hin yeella'u, inni humna Waaqayyo isa warra amantii qaban hundumaa, duraan dursee warra Yihudootaa akkasumas warra Giriikotaa fayyisuu dha.Qajeelummaan Waaqayyo namaaf kennu amantii irra in dhaabata gara amantiittis nama in geessa. Kunis wangeela keessatti in mul'ata; akkuma caafamee jiru immoo, "Namni amantiidhaan fuula Waaqayyoo duratti qajeelaa ta'e jirenya dhugaa in jiraata. (Room. 1:16–17)
- Maqaa Waaqayyoo warri waammatan hundinuu garuu in oolu; akkuma ani Waaqayyo jedhee ture, warri ani waamee tulluu Xiyoon irratti, Yerusaalem keessattis hafanii in fayyu" jedhe. (Yoe. 2:32)
- Waaqayyo lubbuu hojjetoota isaa in fura, warra isatti kooluu galan keessaas tokkotti illee yakki hin muramu.(Faar. 34:22)
- Yaa gooftaa, ati gaarii dha, jaalala keetiinis namaaf cubbuu isaa in dhiifta, warra si waammatan hundumaafis gaarummaan kee in baay'ata.(Faar. 86:5)
- Ani garuu Waaqayyoon nan waammadha, gooftichis ana in oolcha.(Faar. 55:16)
- Hafuurichii fi misirrottiin, "Kottu" in jedhuun; namni kana dhaga'us,"Kottu" haa jedhu! Namni dheebote haa dhufu, namni bishaan barbaadus utuu gatii hin baasin bishaan jirenya kennu haa fudhatu!(Mul. 22:17)

- Gooftaan wanta abdachiise raawwachuuudhaaf hin seesu; akka namoonni tokko seesuutti isa lakkaa'an miti. Inni, namoonni hundinuu yaada garaa isaanii akka geddaratan malee, garri tokko iyyuu akka badan waan hin barbaadneef obsaan isiniif in danda'a.(2Phe. 3:9)
- Kun gaarii dha, fuula Waaqayyoo fayyiisaa keenyaa durattis fudhatamaa dha.Waaqayyo, namni hundinuu akka fayyu, dhugaa beekuu biras akka ga'u in fedha. (1Xim. 2:3–4)

Dhugaan jiru cubbuun hundinuu fuula Waaqayyoo duratti ciigaasisaadha, garuu gara isaatti yoo deebine dhiifama nuuf godha. Cubbuun Waaqayyo dhiifama gochuu hin dandeenyeye hafuura qulquulluu arrabsudhaan guutummaa jirenya ofii osoo Yesuusitti utuu hin amaniin du'uu dha.

- Ani dhuguman isinitti hima cubbuun hundinuu arrabsoon kam illee afaan namaa keessaa yoo ba'e, ilmaan namootaa in dhiifama.Eenu illee hafuura qulquulluudhaan mormee isa irratti yoo dubbate garuu, cubbuu bara baraatiin yakkaa ta'a malee, bara baraan dhiifamuu hin argatu" isaaniin jedhe. (Maar. 3:28–29)
- Kana hundumaa keessaa immoo isaan ammas cubbuu hoijjetan, dinqii inni argisiises hin amananne. (Faar. 78:32)
- Amma garuu dhoksaan kun ifatti ba'eera; akka Waaqayyo inni bara baraan jiraatu ajajettis, gara amantiitti, gara abboommamuuttis isaan geessuudhaaf caaffata raajotaatiin saba hundumaatti beeksifameera.(Room. 16:26)
- Abboommiin isaa kunis "Maqaa ilma koo Yesuus Kiristoositti amanaa! Akka abboommii inni kennettis walii keessan jaalladhaa!" nuu jedha.(1Yoh. 3:23)
- Barichi raawwatameera, mootummaan Waaqayyoos dhi'aateera, yaada garaa geddaradhaa wangeelatti amanaa!" jedhe.(Maar. 1:15)
- Namni ilma Waaqayyootti amanu, dhugaa kana of keessaa qaba; namni Waaqayyoon hin amanne garuu, isa Waaqayyo ilma isaatiif dhugaa ba'e waan amanuu dhiiseef, Waaqayyoon sobduu

gochuu isaa ti,Waaqayyo jirenya bara baraa nuuf kenne; egaa dhugaan isaa isa kana; jirenyi bara baraa kunis ilma isaa keessatti argama.(1Yoh. 5:10–11)

- Cubbuu keenya yoo isatti himanne, inni amanamaa fi qajeelaa waan ta'eef, cubbuu keenya nuuf in dhiisa, jal'ina keenya hundumaattiis nu quleessa.Nuyi cubbuu hin hojenne yoo jenne immoo isa sobduu in goona, dubbiin isaas nu keessa hin jiru. (1Yoh. 1:9–10)
- Namni ilma Waaqayyootti amanu, jirenya bara baraa qaba; ilma Waaqayyoof kan hin abboomamne garuu jirenya hin argatu, dheekkamsa Waaqayyootu isa irratti hafa malee" jedhe. (Yoh. 3:36)

**Cubbuu keenyaaf yakki ykn gaddi nutti dhaga'amuu,
cubbuu keenya amanuu ykn cubbuu keenyaaf deebisanii
kaffaluun nu fayyisuu hin danda'u.**

- Yihudaan inni dabarsee isa kenne Yesusitti akka faradame yommuu hubate gaabbee, meetii soddomman deebisee luboota warra angafootaa fi maanguddootatti fidee,Ani dhiiga nama yakka hin qabnee dhangala'uutti dabarsee kennuu kootiin yakkeera" isaaniin jedhe. Isaan garuu, "Nuun maaltu dhibe ree? Atumtuu faladhu malee!" jedhan.Yihudaan kana irratti meeticha mana qulqullummaa keessatti darbatee gatee, achii adeeme, dhaques of rarraase. (Maat. 27:3–5)
- Akka Waaqayyo biratti fudhatamutti gadduun yaada garaa geddarachuu fida; inni immoo gara fayyinaatti geessa malee, nama hin gaabbisiisu; akka biyya lafaa keessatti fudhatamutti gadduun garuu du'a fida'o.(2Qor. 7:10)

Gaabbii dhugaa jechuun cubbuu keenya beekuu fi gara karaa Waaqayyoo Yesuus Kiristoositti amanuu (amanachuu) jechuudha.

- Namni jal'aan karaa isaa irraa deebi'ee akka jiraatu malee, ani dhugumaan du'a isaatti nan gammadaa ree? jedha Waaqayyo gooftaan.(His. 18:23)
- Waaqayyo garuu, "Ammuma iyyuu garaa keessan guutuudhaan, soomuudhaan, boo'ichaan, gadduudhaanis gara kootti deebi'aa!" jedha.(Yoe. 2:12)
- Karaa kee Waaqayyotti kennadhu, isa amanadhu! Innis siif in raawwata.(Faar. 37:5)
- Ergasii macaafa haa hubataniif sammuu isaanii ibseef.Kristosichi dhiphachuuf, guyyaa sadaffaatti; du'aa ka'uuf akka jiru, yaada garaa geddarachuuunii fi dhiifamuun cubbuu maqaa isaatiin Yerusaalemii jalqabee saba lafa irraa hundumaatti akka lallabamuuf jiru, caafameera. (Luq. 24:45–47)

Oduu gammachiisaa salphaadha: Wanti nuti hojjennu gama kamiinuu fayyina argachuu nu hin dandeessisu. Waaqayyos jaalala isaatiin fayyina guutummaatti ofii isaatiin, gaarummaa isaatiin fi gocha isaatiin nuuf qopheesse. Fayyina argachuuuf, cubbuu keenyaaf Beekamtii kennuu, Yesus isa cubbuu keenyaaf du'ee du'aa ka'e amanuu, fi kenna fayyinaa isaa guutummaatti bilisaa akka nuuf kennu isa gaafachuudhaan isa waamuu qofa nu barbaachisa.

- Yaa Waaqayyo, akka gaarummaa keetti araara anatti argisiisi! Akka oo'aa kee isa guddaatti irra-daddarbaa koo haxaa'ii balleessi!Yakka koo raawwadhuu ana irraa dhiqi, cubbuu koottiis ana quleessi!Anoo irra-daddarbaa koo beeka, cubbuun koos gaafa hundumaa ija koo dura jira. (Faar. 51:1–3)
- Gadis isaan baasee, "Ani akkan fayyuuf maal gochuutu anaaf ta'a? gooftolii ko" jedhee isaan gaafate. Isaan immoo, "Gooftaa Yesusitti amani, ati in fayyitaa, Maatiin kees in fayyu" jedhanii deebisanifi. (HoE. 16:30–31)

- Yesus gooftaa akka ta'e afaan keetiin yoo beeksifte, Waaqayyo du'aa akka isa kaase immoo garaa keetti yoo amante fayyina bara baraa in argatta.(Room. 10:9)
- Egaa isin hamoota taatanii utuu jirtanii, ijoollee keessaniif kennaa gaarii kennuu erga beektanii, abbaan keessan inni waaqa keessaa immoo hammam isin caalaa warra isa kadhataniif waan gaggaarii kenna!(Maat. 7:11)

Yoo dhugaadhaan amanne ta'e, yakka fi salphina hundumaa irraa bilisa taanee jirra jechuudha. Gammachuu guddaa argachuuf sababni isuma kana!

- Ani yakka isaanii isaaniiif nan dhiisa, cubbuu isaaniis deebi'ee isaanitti hin lakkaa'u; isaan hundumti isaanii xinnaadhaa hamma isa guddaatti ana waan beekaniif, si'achi namni tokko illee nama biyya isaatiitiin yookiis obboleessa isaatiin, 'Waaqayyoon bari!' jedhee, gorsuu hin barbaachisu" jedhe. (Er. 31:34)
- Ba'i-biiftuu lixa-biiftuutii akka fagaatu, innis irra-daddarbaa keenya nuttii in fageessa.(Faar.103:12)
- Caaffanni qulqulla'aan, "Namni isatti amanu hundinuu hin yeella'u" in jedha.(Room. 10:11)
- Egaa amma firdiin, warra Kristos Yesusitti qabamanii jiraatanitti faradamu tokko illee hin jiru. (Room. 8:1)
- Isin isa mul'achuuf jiru sana hin argine yoo ta'e iyyuu, isa in jaallattu; amma yoo isa arguu dhaabaattan iyyuu, isatti in amantu akkasumas gammachuu akkas jedhamee hin dubbatamnee fi gammachuu ulfina guddaa qabuun in gammaddu.Fayyina lubbuu keessanii, isa amantiin keessan bira ga'uudhaaf akeekkachaa jiru argachuuttis in gammaddu. (1Phe. 1:8–9)

Waaqayyo humna hundumaa waan qabuu fi waan hundumaa waan beekuuf, waan inni dubbii isaatiin nutti dubbate barachuuf yeroo dabarsuun gatii guddaa qaba. Dubbii Waaqayyoo barachuun caalaatti isa beekuuf nu gargaara, akka guddannu nu gargaara, akkasumas barumsa dogoggoraan irraa akka fagaannu nu gargaara.

- Akka nama boojuu guddaa argatee, ani wanta ati jettutti nan gammada.(Faar. 119:162)
- Abboommii afaan isaa keessaa ba'u irraa ani hin fagaanne, wanta inni dubbates yaadatti qabadheera.(Iyo. 23:12)
- Yesuus deebisee, "Akkas dubbachuu keessaniin irraa kaattaniittu; kunis caaffata qulqulla'a'aa yookiis humna Waaqayyoo isa isin hin beekne kanaaf, mitii ree?(Maar. 12:24)
- Ejjennaa koo dubbii keetiin jabeessi, yakki tokko illee humna ana irratti hin godhatin!(Faar.119:133)
- Akka mucooliin reefuu dhalatan aannan barbaadanitti, isinis fayyinaaf ittiin guddachuudhaaf yeroo hundumaa dubbii hafuuraa isa haxxummaan keessa hin jirre akka aannanii sana dharra'aa!(1Phe.2:2)

Macaafa Qulqulluu hiikuuf qabeenyi hundarra gaariin Macaafa Qulqulluu dha. Akkasumas, Waaqayyo Hafuurri Qulqulluun, inni amantoota dhugaa keessa jiraatu, kallattiin dubbiin isaa maal jechuu akka ta'e nu barsiisuu danda'a.

- Inni isiniif dubbatu hafuurri qulqulluun, inni abbaan maqaa kootiin ergu garuu, waan hundumaa isin in barsiisa, waanan isinitti hime hundumaas isin in yaadachiisa.(Yoh. 14:26)
- Dibanni isin isa bira fudhattan garuu isin keessa in jiraata; inni waan isin barsiisuuf namni bira isin barsiisuu hin barbaachisu. Hafuurri isaa inni dibata jedhame kun waa'ee waan hundumaa isin in barsiisa; barsiifni isaaas dhugaa dha, sobnis keessa hin jiru. Egaa akkuma inni isin barsiisutti isatti jiraadhaa!(1Yoh. 2:27)

- Isin keessaa nama tokkotti ogummaan yoo hir'ate, Waaqayyo isa nama hundumaaf harka guutee fuula ifaadhaan kennu haa kadhatu! Innis in kennaaf.(Yaaq. 1:5)
- Kana hundumaa akka ta'utti akka inni hojetuuf, Waaqayyotu isa gorse, isa barsiises.(Isa. 28:26)

Hiika Macaafa Qulqulluu ilaachisee, Macaafa Qulqulluu Afaan Oromoo hiika haaraa bara 1980 fayyadamne.

Kitaabni xiqqaan kun fooyya'iinsi (jijiiramni) osoo irratti hin taasifamiin kaffaltii malee bilisaan karaa elektirooniksii ykn maxxansaan raabsamuun ni danda'a.

Yookiin kallatiidhaan (online) wonderfulsalvation.com irraa dubbisuun ni danda'ama.

Copyright © 2019 by PHGF.